Leelloo
Wirtu Multi Media Writers
Haqa Leellisna!

Gatii Qarshii 10

Waggaa 1ffaa Jildii 3 Jimaata mudde 11,2015


**Fuula Keessaatti...**

**OOLMAA ADEET** ➡ 3

**HUMNI BARATE KARAARRATTI HAFNAAN, HUMNI HIN BARATIN BIYYA BALLEESSAA JIRA!**
Dabni biyya kana keessatti mul'ataa jiru yeroodhaa gara yerootti daangaa ... ➡ 4

**SOSSOBBII**
Uummata Bal'aa gowwoomsuu yaaluun of gowwoomsudha!! ➡ 10

**XOOPHIYAATTI KORPOREESHINII MISOOMA LAFAA**



➡ 11

**Keemikaala Boochisumoo...?**



➡ 7

**ODAA**
Uumama mara keessaa uumamni tokko tokko ni jira, kan kabajaafi ulfina qabu. Akkasuma, yaabiloo keessaa... ➡ 8

**"KA'RRAA AJJEESE DAGATUS KA'RRAA DU'E HIN DAGATU!" ... SHUKRII** ➡ 6

# HIRIIRA NAGAA MOOTUMMOOTA DARBANIIFI KAN AMMAA KANA MAALTU ADDA GODHA!!??




Bulchiinsa sirna dimokiraasii keessatti, lammiilen mirgaafi dirqama isaanii sirritti beeku. Mootummaan lammiilee sana hogganaa jirus mirgaafi dirqama isaa sirriin beeka. Asirratti isa mirgaafi dirqamni walharkaa rukute keessa galchuun akka dogongoraatti fudhatamuu danda'a. Garuu adeemsa dimokiraasin jedhu keessatti qaamni hogganuufi qaamni hoggananu sirriin mirgaafi dirqama isaa beekuu isaati. Qaamonni lamaan kun yeroo tokko daangaa tokkoo cabsee akka barbaade daangaa isa kan biraa keessatti yookan daangaa qaama biraa keessatti tarkaanfilee adda addaa fudhatu, qaamni daangan jalaa cabe waan cal'isuu miti.

Qaamni hogganamu gaafa daangaa qaama hogganuu cabsee akka barbaade oolee bule, qaamni hogganu komii qabu kaasaa erga turee booda gara tarkaanfitti ce'uun isaa waan hin oolledha. Hanga isaaf danda'ametti humna qabutti fayyadamee daangaa ofii kabachiifachuuf kufee ka'a. Gidduu kanatti sababoota tarkaanfileen adda addaa hammaataniif hanga badii lubbuu geessisuuttillee godaana. Godaansa akkasii keessatti inni daangan najalaa cabeedhaf boo'ufi dursee gara tarkaanfii seene raawwii isaa akka gootummaatti waan laaluf duubatti deebi'ee yeroo itti badii geessisaa jiru laalu hin qabu.

Qaamni hoogganamus gaafa daangan seera waliin qaban irratti isaaf kenname dhiitamu, sammuufi onnee ittiin duubatti deebi'u yookan ittiin sodaatu hin qabu. Hanguma fedhee ta'u harki duwwaa ta'uu isaatti qaana'ee yookan abdii kutee duubatti hin deebi'u. Daangan isaa cabuu erga sagalee dhageessisee booda, humna qabu xuruursee fayyadamuun



➡ Fuula 2

Fuula 1 irraa naanna'e

akkuma isa humna qabuu hanga badii lubbuu hedduu geessisuutti godaana. Hanga bakka garaa isaa ga'utti falli duubatti isa hin deebisu. Ija ittiin fuunduratti laalu malee ija ittiin duubatti laalu hin qabu. Duuba deebi'uun isaaf gadhummaadha. Akka dubartiin Oromoo dur abbaa manaa ishii diina daangaa cabsee dhufeef akka inni duubatti hin deebine jajjabeessitee, gala qopheessiteefii fuunduratti qajeelchitu, duubatti deebi'uun isa daangan jalaa cabeef salphina guddaadha. Maalitti beekkama, akka Foollee keenyaa godhii malee dhiisii hindhaga'us ta'aa!! Qaamonni lamaan kuni lachuu nagaa barbaadu. Nagaadhan oolanii nagaadhan buluu hawwu. Jireenya nagaa jiraachuu yaadu. Imalli isaanitis garasuma. Garee isaanis akkasiin karaa qabsiisu. Dimokiraasii hammatee heeraf seerri isaanitis kanaaf gidduu isaanitti nagaa oolchee bulche. Gadadoo walii hin hawwan. Badhaadhinaafi mul'ataaf karaa walii banu. Qaama sadaffaa gidduu isaanii seenuu fedhu dhiitanii gidduu isaanitii baasu. Qaamni sadaffichi dhufullee qaawwa isaanii barbaadee seena. “Karaa nama yartuu waraabessi dallaa seena!”akkuma jedhamu, gidduu isaanitii wanti dalgagaleyoo jiraate dafanii furmaata barbaadu. … Jaalala malee jibbiinsa walirratti hin horsiisan – Gaafa daangan hin cabin jechuudha!! Qaamota lamaan kana keessaa ilaalcha tokkoo keessatti oftuulummaafi dhiphummaan dagaage taananiifi dagaagutti jira taanan, nagaan gama tokkoon hawwamu yoomiyyuu deebi'ee biqila jechuun dhadhaa abidda bu'e. Qaamni olaantummaa mataa isaatif oolee bulu jiraannan nagaan abjuudha. Irraa godaana – nagaan!! Silumattuu amala isa tokkoo isa kan biroof kennuun walisaan nyaachisa!! Saamichi gama qaama tokkootin daraarefi daraaraa jiru bu'uura nagaa diigee, garee yookan qaamni inni kan biraa akka bakka jiruu dammaqu taasisa. Gidduu kanatti egaa inni qaamni sadaffaan dhufee gidduu lixu. Karoorrifi ergamni qaama sadaffaadhan dhufu bakka kanatti hojii irra ooluu jalqaba. Dhuma irratti olaantummaan isa tokkoo yoo itti fufiinsa qabaachuu baatellee tokko irra aanun isaa ifaadha.

Dhimmoota akkasii kanaaf yookan sochii akkasiitif fakkeenya guddaa kan ta'u fagoo osoo hin deemin asuma Impaayera Itoophiyaa keessatti argachuun ni danda'ama!!

Sirnoota hacuucaa mootummoota oftuultota abbaa irree darban keessatti, amaloonni dagaagaa turaniifi dhuma irratti haalli ittiin furmaata argatan amaloota walitti bu'iinsa uuman jennu kan olitti ibsamaniin walfakkaatu. Kana yoon jedhu, si'a sana dimokiraasin heerafi seera qabate, garee hogganuufi hogganamu gidduu jira jechuu miti. Qaama biyyan bulcha jedhuufi qaama biyya keessatti bulfamu gidduu amaloonni waldhiiban jiraachuu isaa salphumatti hubanna. Sababni isaa inni biyyan bulcha jedhu akkamitti akka gara aangoo dhufaa tureefi erga aangoo qabatee akkamitti akka biyya bulchaa ture, sana booda qaamni jalatti akka bulu itti murtaa'e tarkaanfii akkamii akka fudhate, akkasumas, qaamni sadaffaan qaawwa qaama lamaan gidduu turetti fayyadamuudhan gidduu bu'ee akkamitti qaama hacuucame yookan mirgi isaa sarbame deeggaruudhan ittuu qaamota lamaan kanneen garaa walitti jabeesse nutti mul'isa!!

Nyaatee, dhugee, bashaadee, akka fedha isaatti fandalalee buluun qaamota yeroo sana biyya buchina jedhanii fokkaraafi eega lafaan dhaanaa turanii, warra jala isaanitti hacuuccamee buluuf badhaadhina itti fakkaate. Lubbuu warra isaan jala jiruu barbadeessun, garee hawaasaa gaaddisa

## Ibsa Ejjenoo

Oromoon tokkummaa miidhakseet beeka. Ijaarsi saba kanaa bifaafi akka godhachuu kan qabus tokkummaa saba kanaa irratti bu'ureeffateeti. Sabni Oromoo yeroo har'aa kanatti ijaarsa adda addaa qabaachuu ni mala. Ijaarsonni kunneen hundi isaanii ammoo saba kanaaf bu'aa buusuun dirqama yeroon itti jedhamu amma. Asirraatti kan xiyyeeffannaa keessa galuun irra jiru sabni kun yoo ijaarsota qabu kanaan walitti hin siqne qaawwi halagaan gedduutti naqxee addaan kutuuf carraaqxu kun turtii keessa falmisiisaa ta'a. Saba kana keessaa warri muraasni halagaadhaan ijaarramanii akka addaatti socha'aa jiru. Isaan halagaadhan afaan turjumaanatiin ijaarramanii ergaman kun afaan beeknuufi beekaniin walitti dubbannee ijaarsa tokko jala galuun waan yeroon nu gaafattu ijaa ta'eef ‘bitaanis korii mirgaanis korii walgeenyi kooradha’ akka jedhamu san saba Oromoo tajaajiluurratti hireen kan hunda keenyaa waan ta'eef odoo bakka tokkotti dhufnee gaariidha kan jedhuun wal waamuun hiikoo rakkoo keenyati.

isaanii jala qofa jiru soorun, diinagdee qaama faallaa saamanii kan isaanii guddisuun, akkasumas, sochii jireenya hawaasa warra faallaa hunkuraa, kan isaanii qofa ijaaruu irratti xiyyeeffatanii osoo halkanii guyyaa dabdee adeemsa isaanii duubatti deebi'anii hin xiinxalin, humni garee warra isaa dhidhiitaa turanii danbali'ee isaan irra yaa'e!!

Gareen warra gaaddisa nafxanyoota kana jala turanii, nama oldhaabanii akka waaqatti sagadaafii yoo turan, sagaduun isaanii dantaa warra hacuuccamee akka hin turre, fincilonni gidduu gidduudhan ka'aa turaniifi itti fufuudhan dhuma irratti qaama sagadameef kana salphisan, sanuu inni isaan sagadaafii turan kabaja awwaalchaa osoo hin argatin waggaa kudha torbaaf (17) kosii keessatti gatame. … Adeemsa bulchiinsa isaa osoo ofduuba deebi'ee hin xiinxalin sirriidha jedhee, garee gama ofii qofa qabatee deemun oolee bulee hawaasa garee biraa fincila duubatti hin deebi'amne keessa galche. Ficilli barattoonni Yuunvarsiitii yeroo sana (1960A.L.A) keessa kaasaa turan ittuu gama biroottis babal'atee, haalumaan sagalee dhaadannoo isaanii olguddisuudhan warraaqsa walii gala finiinsan. Hoggansi karaa qabsiisu dhabamullee, booda booda ijaarsi dhaabbilee siyaasaa duraan H/Sillaasedhaan jaamsamaa turan qaawwa kanatti fayyadamanii gama garee cunqurfamtootaa tumsuudhan warraaqsi waliigalaa akka impaayerittii keessatti ta'u duubaa itti qabsiisan. Gucni qabsoon hawaasa hacuuccamtootatiin qabsiifame dhaadannoo “Land for Tiller/ Lafti qonnaan Bulaaf” jedhu qabatee, bulchiinsa oftuultotaa biyyoo nyaachisuuf fuulduratti suksuke. Itti hin fakkaanne, mootummaa abbaa irree H/Sillaasetti – akka hoomaan hawaasaa fonqolcha hin yaadamne irratti raawwatu. Wantichi garuu ta'uun hin oolletii, ni ta'e!! Mangistuu Hayila Maaram aangoo humnaan gargaarsa lammiiletiin argate karaa sirriin itti fayyadamuun isaa hafe. Xiiqii duraanitu keessa bule fakkaata, leelliftoota nafxanyummaas ta'ee qaamota gama aangoo isaatti dhufan mara irree itti agarsiisuu jalqabe. Gaaffilee itti dhufan deebii barbaachisu kennuu dhiisudhaan tarkaanfii humnaa qaama garee isaatin irratti fudhachiisuu jalqabe. Haalli kuni deemee deemee dhuma irratti wareeggama lubbuu lammiilee hedduu fudhachuudhan Mangisuu Hayila Maaramis akka biyyattii irraa baqatu taasifame.

Ammas biyyattiin heerafi seera mataa ishiitin bulaa jiraachun osoo halkanii guyyaa lallabamuu, qaamota lamaan keessaa (kan hogganuufi kan hogganamu) qaamni hogganu nagaan akka boora'u taasisuun isaa, oolee bulee rakkoo booda dhufuu karaan banamee diigumsa biyyattiitti fiduun isaa waan hin oolledha. Biyyattiin lammiilen jiraatan malee kobaatti wanti uumtu hin jiru. Walmale hin bareedani! Haala yeroo amma biyya keessatti mudachaa jiruuf garuu mootummaan biyya bulchaa jiru garamitti akka isa fudhachaa jiru waan xiinxale hin fakkaatu. Ittuu mormii kallattii adda addaa irraa isa mudachaa jiru

gara fuula-5

# ODUU FI IBSA EJJENOO

Leelloo
Wirtu Multi Media Writers

**Qopheessaa Olaanaa**
Yaasoo Kabbabaa Hordofaa
**I/Aanaa Qopheessaa**
Roobinaa Shuumii Araarsaa
**Gulaalaa**
Yoomiyyuu Mul'ataa
**Barreessitoota Rogaa**
Moonenus Hundarraa
Milkeessaa Miidhagaa
Gammadaa Olaanaa
**Aagabaastota**
Mohaammad Gammachuu
Fireehiwoot Taaddasaa
**Saxaxaa(Design)**
Gammadaa Olaanaa
Roobinaa Shuumii
**Suuraa**
Roobinaa Shuumii
Yoomiyyuu Mul'ataa
Gammadaa Olaanaa
fi Archive
**Dhaadhessitoota**
Yoomiyyuu Mul'ataa
Mohaammad Gammachuu
Simboo
Masarat Daabaa
Dhaabbata Maxxansaa
Maltiimidiyaa Wirtuu
Teessoo
Magaalaa Buraayyuu
Bilbila: 0912 10 40 67

## Icittii Odaa

Fuula 1 irraa naanna'e

Odaan yeroo gannaa, wayita mukkeen hunduu bishaan roobaatin lalisan baala baasanii gaaddisa godhatan, Odaanbaala buufata. Gaaddisa hin qabu, wayita bonaa mukkeen hunduu baala hin qabnee fi gaaddisa namaa ta'uu hin dandeenye Odaanbosonee gaaddisa godhata. Kana malees, mukkeen akaakuu biroo mukkeen isaan jalattii bishaaniif albuuda jalaa saamuun akka hin dagaagne gochuun qancarsan. Odaan-garuu kanaan faallaadha. Odaan mukkeen isa jalattis ta'e naannoo isaatti biqilan yeroo gannaa akka bi-shaan roobaa fi qilleensa gaarii argatan baala isaa buusaaf.Yeroo bonaa wayita aduun rakkistu baala isaa guuttatee gaaddisa ta'aaf. Kanaaf mukkeen Odaajalatti biqilan hunduu dagaaguu malee hin qancaran. Kun mallattoo ummanni Oromoo qabuudha. Ummanni Oromoo kan nagahaa, kan garaa bal'atu, garaa laafu waan ta'eef kan biraatu isa miidha malee ofii nama hin miidhu. Ummata waanyoo hin qabne, kan namni (ummata) kamiyyuu isa biratti miidhaan irra hin geenye, kan of jalatti hammatee jiraachisaa turee fi ammas jiraachisaa jiru ta'uu agarsiisa.

Manguddoonni Oromoo akka jedhanitti, haaloonni uumamaa Odaa irraa mul'atan kunneen mallattoo dhugaa fi eenyummaa ummanni Oromoo qabu, kan

Gara fuula 10tti darbeera

Yoomiyyuu Mul'ataatiin

Mulataayomille@yahoo.com

# OOLMAA ADEET

## (Bakka Hundeeffama DHDUO Darraa Harbuu Masqaleerraa gara Tigraay Adeetitti)

Darraan lafa itti seenaa daldalan taatee darbuunshee gaarii hin turre. Achi turreen Darraa Harbuu Masqalee bishaan dhugdee lafti cirrachaa sun seenaa dhaalte. Aanaan Adeet dacheen warra Tigraay jara sana waan meeqa tola badhaafte. Dhiiga tokkollee osoo hin dhangalaasiin barcuma olka'aarra kooranii akka dambalii'an gargaartee jirti. Bara 1989 hanga xumura bara 2014 tti bakka hundeeffama DhDUO Oromiyaa Aanaa Darraa bakka Harbuu Masqalee akka ta'etti odeeffamaa bahe. Hanga jalqaba bara 2015 tti Harbuu Masqaleetti erga dhaadachaa bahanii booda keessa immoo Oolmaa Adeet oolteefii bareechanii odeessuu jalqaban.

DhDUO Tigraay Adeetitti hundeeffamuu isaa obbo Abbaa Duulaa Gammadaa kitaaba isaanii "Qabsoon Uummata Oromoo Eessaa Karam (1996 A.L.H) jedhu keessatti dhugaa bahaniiru "Naannoo walakkaa bara 1981 A.L.H tti n moonni lakkoofsan 37 (soddomii torba) hin caalle lafa bilisa taate kan Tigraay keessatti argamutti qophii qabsoo taasisuu eegalan. Lakkoofsi namoota kanaas yeroo gabaabaa keessatti dachaa hedduudhaan dabalee gara kuma dhibba torbaa gahe"

Akka obbo Abbaa Duulaan jedhanitti DhDUO Adeetitti hundeeffamuuf yeroo dheeraa itti fudhateera. Qabsoon ijibbaatas taasifamee ture jedhu. Yeroo dheeraa isaan jedhanis baatii torba ta'uusaati.

"Qophiin hundeeffama DhDUO baatii torba kan fudhate yoo ta'u Fulbaana 1982 hanga bitootessa 1982 A.L.H tti yaa'ii gaggeeffachuudhaan koree gidduu-galeessaa torba filachuudhaan qabsootti seenuu akka qabu murtaa'ee yaa'ichi xumurame"

Qabsoo jabaa tokko qindeessuufi gaggeessuuf dhuguma baatiin torba dheeradhaa laata? Obbo Abbaa Duulaa akka jedhanitti dhaaba isaanii hundeessuuf qabsoo ijibbaataa akka taasifametti barreessan. Lafa walga'iitti waan uummata ittiin gowwoomsaa turan dhugaa fakkeessanii kitaaba dhalootaaf darbuu danda'urratti katabuun sirrii natti hin fakkaatu. Baatiin torba jedhamu kun dhugaa dubbachuuf yoo ta'e dhaaba siyaasaa uummata bal'aa tokko bakka bu'u hundeessuuf haa hafuutii afoosha gandatti makamuufuu xiqqaadha. "Akkuma reettiin hanga humnashee dorrobdi" jedhamu sana obbo Abbaa Duulaanis bakka boojuutii walitti qabamuuf baatii torba fudhateera jechuuf akkas jedhan natti fakkaata.

Gama tokkoon baatii hangas dheeratu jechuun haa dhaadhessan malee, gama kaaniin immoo dhaabni isaanii maxxantuu akka ta'e barreessanii jiru. Dhugaa lafa jiru yoo ilaalles dhaabni kun maxxantuu ta'uusaa sababoota gurguddoo sadii ka'uun ni danda'ama. Sababni jalqabaa dhaabni kun kan hundaa'e dhuma bara kufaatii mootummaa Dargii irratti ture. Erga mootummaan nama nyaataa sun hurraa'ee quuqamni lammii isaanitti dhagahame jechuudhaa? Dargii kufiisuuf hidhatan akka hin jenneefis tuutni DhDUO baay'een isaanii warra Darguu turan. Namoonni Obbo Abbaa Duulaan DhDUO jalatti gurmaa'anii uummata Oromoo bilisa baasan jedhan achiin dura dhaaba Oromoo kam keessattuu hirmaatanii hin beekan.

Sababni lammataa dhaabni kun maxxantuu ta'uusaa mul'isu dachee ormaa keessatti bu'uureffamuu dhaabichaati.

"DhDUO qophiifi yaa'ii hundeeffamasaa kan gaggeeffate lafa Tigraay bilisa taate Aanaa ADEET jedhamtu keessatti yogguu ta'u qonnaan bultoonni Tigree illee dhaaba michuu (AGAR DIRGIT) ta'e kana haalan jajjabeessaniiru" jechuun Abbaa Duulaa mataan isaanii dhugaa bahaniru.

Darraan bara dheeraaf dahannoo siyaasaa taatee turte garuu bara dheeraa booda galanni ishee bishaan dhugee oolmaan ADEET dhaadheffame. Dhuguma Darraan lafa hundeeffama dhaabichaa akka hin taane Obbo Abbaa Duulaa Gammadaa dhugaa bahaniiru.

"Oromoonni Darraa bakka bu'oota baay'ee erguudhaan yaa'ii hundeeffamaa irratti hirmaataniiru" jedhan.

Solomoon Siyyuum kitaabasaa ye Oromoo Guddaayinnaa ye Itoophiyaa Biyyaanee, 2007 jedhu keessatti lafti hundeeffama OPDO Adeet ta'uusaa barreessee jira.

"Umuriisaa gameessa dargaggummaatti barsiisummaan kan jalqabe Alamaayyoo Atoomsaa boojuu booda leenjii haaromsaa erga fudhatee bara 1981A.L.H tti qabsoo hidhannootti makamee ture. OPDO'n garuu waggaa tokko booda bitootessa 17, 1982 tti turjumaana wayyaanee ta'uudhaan Tigraay Adeetitti hundeeffaman"

Dubbii ijoon as irratti jala sararamee hubatamuu qabu dhaabni kun asiifi achiitti hundeeffamuu isaa miti. Barbaadu muka gubaatti hundeeffamuu danda'a. Armaan dura Darraatti hundaa'e jechuun uummata bal'aa gowwoomsuuf yaaluu isaaniiti. Kun immoo ta'e jedhanii uummatni qabsoon dhaaba sanaa uummata keessaa kan eegale fakkeessuuf kan godhame fakkaata. Hoggantootni dhaabichaa dhimmicha akkanatti uummata hubachiisuuf haa yaalan malee DhDUO akkuma dachee uummata Tigree irratti hundeeffame qabeenyaafi garbicha Wayyaaneeti. Ulee diinaa ittiin Oromoon reebamu. Garbichaafi garbittiin immoo ajaja gooftaashee darbuu hin dandeessu. Ergamnaan dhaqu, waamnaan owwaachuurraan kan hafe dhimmichi hanga fedhe rakkisaa ta'u iyyuu gaaffii dhiyeessuu hin dandeessu.

"DhDUO gurmuu booji'amtootaati. Yoo waaman owwaachuu warra danda'an walitti qabanii dhaabicha hundeessan" jedha barreessaa Solomoon Siyyum. kanaaf ta'uu hin oolu miidhamuun ilmaan Oromoo kan itti dhagahamuu dhiise. Duuti ilmaan Oromoo isaan biratti hanga du'a hucoolii lukkuu kan ga'uu dide. Erga gaafa Adeetii haati deessee harma hin guufanne danuudha. Deessuun manni irraa diigamee ala bultes urjii samii yoo ta'e malee maaltu ragaa bahuu danda'a. Qonnaan bulaan Oromoo lafti irraa fudhatamee waardiyaa ta'ee karra ormaa eegus lakkoofsa hin qabu. Barattootni Oromoo ajjeechaan itti xiqqaatee barnoota irraa waggaa waggaadhaan arii'amanis gabatee beeksisaa dhaabbilee barnoota olaanootu lakkoofsa isaanii harkaa qaba.

Haalli hundeeffama OPDO kaayyoofi sagantaa Oromoo wajjin kan wal hin simneefi abbeentaa dhaabichaa qaama biraa ta'uu ragaa hedduutu jira.

"Yeroo DhDUO Adeetitti hundeeffamu hoggantootni Wayyaanee yeroo sanaa Mulgeetaa Caaltoofi Kinfee G/madhin gara Laga Dhidheessaa naannoo dahannoon ABO itti argamu deemuudhaan ABO waliin waliigaltee taasisuuf yaalii gaggeessaa turaniiru. Haa ta'u malee, wayita dhaabni lamaan walitti dhufan akka Wayyaaneen yaadde sanatti ofitti amanamummaan ABO gadaanaa waan hin turreef waliigalteen isaanii milkaa'uu hin dandeenye. Kanarraa kan ka'e booji'amtoota TPLF fi Shaabiyaa yeroo sana turan walitti qabuudhaan DhDUO hundeessuu danda'aniiru. Yeroo sana namoota muraasa turan keessaa Abbaa Duulaa Gammadaa, Baacaa Dabalee,fi Kumaa Dammaqsaa warra adda dureen yaadatamaniidha. Jarri sun martuu ofitti amanamummaa hin qabdu. Fakkeenyaaf, Kumaa Dammaqsaa osoo Asmaraa mana hidhaa jiruu 'garagaluu' jedhee waardiyaa gaafannaan waardiyaanis 'garagali' jedhee eeyyama kenneef" Solomoon Siyyuum, 2007 A.L.H tti. Kan yeroo sana isaanitti baratetu hanga har'a hojii xixiqqoo illee of danda'anii hojjechuu isaan dadhabsiise jechuudha.

Barreessaan kun hundeeffama dhaabichaa ilaalchisee kitaabasaa Du'a Gurraacha jettu keessatti haalan barreessee ture. Ammas qabiyyee barreeffama kanaa taasisee hubannoo uummataa dabaluuf yaalii godha.

Dhaabonni garaagaraa 1960ta keessa waanjoo gita bittaa uummatarraa harcaasuuf qabsootti seenan. Dhaabonni kun hunduu gaaffii saba mataa mataa isaanii qabatanii qabsoo hidhannoo jalqabuu isaaniitu himama. Akka amma Wayyaaneen galgala keessa wixinee jijjiirratee sabaa fi sablammootaafiin qabsaa'e jettu kana miti dhaabni warra Tigiree kun yeroo sana dargaggoota lama Kinfee G/Madin fi Mulgeetaa Caaltoo jedhamaniin hoogganamaa ture. Yeroo muraasa boodas jilli dargaggoota kana lamaniin hoogganamu Dadabiiti irraa ka'ee odeeffannoo hojjettoota mootummaa Toophiyaa fi dabballeewwan irraa funaannachaa fi dawoo godhachaa of-eeggannoo cimaadhaan gara Oromiyaatti imala isaa eegale. Haa ta'u malee, Addi Bilisummaa Oromoo akeekkachiisee waan tureef deebi'ee gara Tigraayitti gale. Achumaan waliigalteen dhaaba lamaan gidduutti adeemsifame ni diigame.

Sana booda Wayyaaneen Adda Bilisummaa Oromoo waliin hojjechuu yookaan ergama ishii fiixan baafachuu akka hin dandeenye hubatte. Tarkaanfii biroos fudhachuu eegalte.

Tattaaffiin ABOfi TPLF walitti fiduu milkaa'ina malee xumuramuusaa barreessaa H/Masqal kitaabasaa-Ye H/maariyam Idaa innaa Ye Muslimuu tigil, 2007 A.L.H jedhu keessatti:- "Mootummaan Ziyaad Baarree dhiibbaa hamaa ABO irratti taasiseen waajjirri ABO kan Somaalee cufame...wayita sana ABO deeggarsa waraanaa Shaabiyaarraa argatullee yaaliin TPLF waliin hojjechuuf taasifame garuu hin milkaa'in hafe"

jedhama. Namtichi kunis gara Eertiriyaa deemuudhaan hooggana Adda Bilisa Baasaa Uummata Eertiriyaa (Shaabiyaa) kan ture Roomedaan Ahmad Nuurin booji'amtoota daawwachuu akka barbaadu ibseefii ture.

Biyya Oromoofi Oromiyaa dhaqqabuuf namootni afaan sana dubbatan dirqama nubarbaachisu ejjennoo jedhuurra gahan. Karaa biraatiin qabsoon hidhannoo babbal'achaa akka deemen Tigraay irra darbee magaalota biroo dhaqqabuu waan qabuuf ture. Kanaaf immoo gara Oromiyaatti seenuf warreen afaan sana dubbatan walitti qabuun dirqama ture jedhama. Dhimma kana ilaal-

Gara fuula 7tti darbeera



Roobinaa Shuumii
wabor143@gmail.com

# HIRIIRA NAGAA...



gaaffii ka'ame faallessuudhan mormii taasifamaa jiru duuba qaamni biraa kan guddina biyyattii amma irra jirtu hin jaalanneefi, isa kanas gufachiisuf karoora ba'edha jechuudhan miidiyaa isaatti fayyadamuun ibsa garaa garaa kennaa jiraachun isaa ifaadha. Kunimmoo karaa tokkoon qaama hogganaat jirra jedhaniin caalamanii argamuu mul'isa. Aangoo harkaa qabna jedhanii kallattii heerrifi seerri hin ajajneen tarkaafii hin barbaachifne fudhachuu ittuu miidhaa booda dhufu hammeessuu ta'a. Ittiin bulmaanni biyyattiin baafatte kallattiidhan hojiirra hin oolu taanan dhimmi qaama hogganuufi hogganamu walitti hin buufne hin jiru. Dursa garuu daangaa walitti darbuu dhiisudha – nagaa barbaachun dura.

Qaamni biyya bulchu heerafi seera biyyattii akka fedha isaatti dabsee gartokkotti akka duufu taasisuun itti fayyadamuun, faayidaa uummataaf osoo hin ta'in faayidaa qaama dhuunfatiif ta'uudha. Gaaffii dhimma maaster pilaanitis ta'ee kan biroo biyya keessatti ka'u mara qaama biraatu duuba jira jedhanii qaama biraatti laaquu irra dhugummaan isaa gaaffii uummanni ofii isaatif kaasaa jiru ta'uun ta'uun beekamee, salphumatti mormii gama hawaasatiin mudateefi mudachuuf deemuf furmaata sirrii ta'e kennuun murteessadha. Yeroo ammaa kana sochii mormii kallattii garaagaraatin qaama mootummaa mudachaa jiru kana irratti tarkaanfin hin barbaachifne barattoota mormiif ba'an kanneen irratti fudhatamu uummata barattoota duuba jiruun sirumattuu mormichi akka finiinu taasisuu danda'a. Kuni akka hin taanefi dhugumatti qaamni nagaa faarsu nagaa barbaada taanan fincila uummataa duuba qaama biraatu jira jechuu dhiisee, mormiin ka'aa jiru, dhimmi master pilaanii hatattamaan karaa nagaatin furmaata akka argatu gochuun akka irraa eegamu mul'ata. Kuni taanan badii lubbuufi qaama barattootaa, akkasumas barbadaa'insa qabeenyatiif karaan akka dhiphatu yookan akka cufamu ta'an jedha!!!!

# HUMNI BARATE KARAARRATTI...



Galaanaa Nagaraa

Fuula 1 irraa dhufe

dhabeera. Bara mootii H/Sillaase fi sanaan dura namni hojjetaa mootummaa ta,uuf sanyummaan Amaara ta'uu ykn immoo eenyummaa isaa of jijjiirun amaara fakkaachufi afaan amaaraa dubbachuun dirqama ture. Warra baroota sana keessa eenyummaa isaanii jijjiirratanii magaalota jajjaboo keessatti hafantu har'allee ijoolleen isaan dhalchan joonja'anii uummata gabroonfataaf harka rukutaa jiraatu.
Bara Dargii illee waa'een sanyummaa gama mootummaan sana mara dhiibbaa guddaa qabaachuu baatus paartii ISAPA nama deeggaru malee hin qacaraman ture. Ta'uyyuu humni yuunbarsiitiirraa baratee bahe yaa hafuuti namni waa barreessuufi dubbisuu danda'ullee bakka tokkotti qacaramee hawaasa tajaajila. Tarii yeroo sanatti nama baratetu xiqqaadha yaadni jedhu sammuu namoota tokko tokkoo keessa deddeebi'uu danda'a. Kan nama ajaa'ibu garuu yeroo seekteroonni fi waajjiroonni mootummaa akkasumas NGO'n garaagaraa heddummaatee jirutti baay'inni namoota waggaatti bara sanaafi bara kana qacaramanii lakkoofsan walitti dhiyaachuun dubbii bara kana dhagahuuf nama yeellessuudha. Akka fakkeenyatti sarveyerri bara dargii tokkoon tokkoon uummata ganda baadiyyaaf pilaanii hojjeteefi mana ijaarsisaafi turan.bara kana keessa garuu gandoonni baadiyyaa yaa hafuu magaalota meeqatu pilaanin hojjetameef, civil engineer bara kana moo bara sana irra jira?

Ammas bara mootummaa ce'umsaa qacarrii hojii mootummaaf ulaagaalee tokkotu bahe. Innis hojjettoota mootummaa :-barsiisota, hojjettoota fayyaa fi ogeeyyiiwwan tokko tokko irraa kan hafe nama leenjii dabballummaa mootummaa TPLF irraa fudhate qofatu gara aangootti ergama. Namni tokko barnoota qabaatee qabaachuu baatee leenjii dabballummaa keessatti ergama isaa fiixaan ni baha moo hin bahu waan jedhamutu ilaalama. Sababa kanaafi aangawoonni hedduun aanaa irraa hanga oliitti biyya bulchaa barnoota isaanii sadarkaa 2ffaa dha hanga digirii lammaffaatti kan isaan suuta suutan shammatatan. Har'allee gameeyyiwwan mootummaa naannoo oromiyaa keessaa gameessi sagalee uummataa dhagahee tarkaanfii mataa isaa fudhatu kan dhabameef waadaa kaleessa ittiin gara aangootti dhufantu garaa isaan nyaate fakkaata.

Akka lakkoofsa habashaatti naannoo baroota 1994-2002 waraqaa miseensummaa OPDOtu qacarrii irratti gaafatama ture. Yeroo sanatti miseensi dursa qacarama iddoo gaariitu kennamaaf ,muudamas argachuu danda'a . Yoo miseensa hin taane hin qacarru iddoo hin qabnu jedhu, yoo fedhan immoo gammoojjii dhala namaaf hin malletti ergu. Namoota miseensa guutuun yuunbarsiitii keessatti ergama isaa garaa jabaatee bahe muudama jabaatu isa eeggata. Gama biraan immoo kanneen halkanii guyyaa dafqanii fi akka kondomii itti fayyadamanii gidduutti hiriyaa waliin baratanis dhabanii hojiis dhabanii raata'aniillee lakkoofsa hin qaban.

Rakkoon kun jijjiiramuma baraa waliin dabalaa adeemaa jira. Imaammanni miseensummaas boodarra dantaa dhabaa dhufee walumaa galatti humni barate mootummaa biratti akka namaatti osoo hin ta'in akka meeshaa dabalataatti lafa badheerra taa'u, yeroo fedhan meeshaa garaan isaanii fedhe keessaa kan itti tole fudhanii itti fayyadamu. Dhalli namaas akka meeshaatti lafatti darbamee nami abbaa kanaa eessaa deemta, maal baratte jedhee nama gaafatutu dhabame.

Keessumaayyuu yeroo ammaa kanatti yeroo namoonni aangawoonni muraasnifi warreen malaamaltummaadhaan qarshii uummataa saamanii ofiidhaa konkolaataa V-8 qabatanii hoteelaa cooma muraa biiraafi uskii miila isaanii lakk 8 fakkeessanii filannoodhan jijjiiranii nyaatanii dhuganiitti humni barate immoo maatii maallaqaan ijibbaachisee waan nyaatan dhabanii qaamni isaanii awwaara'ee hamilee bu'anii daandiirra asiif achi deddeebi'aa takkaa hojii humnaa dhokataa hojjechaa takkaa hiriyaa isaanitti hirkachaa mana takkatti kudhanii oliin wal bulchaa agabuus bulaa yeroo itti hojii qacarrii barbaadan osoo hin taane yeroo itti jiraachuf jiraachuu dhabuu gidduu jirantu fuula isaanirraa dubbifama. Wanti nama taajjabsiisu baajenni mootummaan waggaadhaa waggaatti dabalaa adeemu akkasumas seekteroonni hojii babal'achaa adeemanii fi tajaajilamtoonni waggaadhaa gara waggaatti dabalaa adeeman osoo karaa sirriidhan hojiitti hiikamanii humni barate ammallee karaarra dhaabbachuun yaa hafuu waajjirattuu wal hin gahan.

"Uummanni waan nyaatu dhabe hooggaanaa isaa nyaata" jedhan. Jecha Dr Mararaa Guddinaati Mootummaan humna barate qabachuu dadhabe kun eenyuun qabachuuf laata? Eenyuu of harkaa qaba?Eenyutti abdate?Humni barate gaafa beeksisa dubbisuuf hiriiran walcaccabsu daandiirratti ijaan wal argaa walqaana'u egereen isaa hoo maal ta'a laata? Baroota dhufan lamaanif haalli kun wal fakkaatee yoo itti fufe dhaloonni kun maal malate laata?dhaloonni boodarra baratan hoo maal abdatanii baratu laata? Rakkoon kun oromiyaa keessa qofamoo biyya Xoophiyaa hunduma laata? Eenyutu quba qaba laata? Rakkoo kanaaf barataa moo mootummaatu fala barbaaduu qaba? Dhaloonni rakkoo kana furuu danda'u eenyu faadha laata?

Wanti baay'ee nama qaanessu garuu hanga humni barate dabalu hoji dhabdummaan dabaluu isaati. Kuni seenaa biyyoota addunyaa keessatti qaanessaafi bushaa'a guddaadha. Kanaaf hoji dhabdummaa hir'isuuf uummanni akka hin baranne gochuun tarii furmaata mootummaa TPLF ta'uu mala.

Xiinxala kanarraa fuulduratti mootummaan rakkoo dhiifama hin qabnetti deemaa jiraachuun isaa tilmaamun nama hin rakkisu. Biyyoonni akka Hindiifi Chaayinaa baay'ina uummataatinis ta'ee humna nama barateetin warra adduunyaa kanarraa fuuldura jiraniidha. Wanti faallaan garuu hoji dhabdummaa waan jedhu isaanif kolfa guddaadha. Biyya isaanitti illee carraan hojii yoo itti dhiphate mootum-

gara fuula 7 darbeeera

# MOOTUMMAAFI MORMII BIYYA KEESSAA

Roobinaadhan

**Koongirasiin Federaalawaa Oromoo KFO'n Mootummaa Himate !!**

Muddee 3/2015 Koongirasiin Federaalawaa Oromoo yeroo ammaa kana tokkummaan biyyattii kan jiru "haala shakkisiisaa keessa" jedha. Hanga ammaatti rakkoolee mudachaa jiraniifi mudachuuf deemaniif itti gaafatamaan "ittiin bulmaata federaalawaa diigaa jira" kan jedhan, "mootummaadha" ta'uu ibsuun himatu. "Duulli Oromoota hidhuu jalqabameera" kan jedhu KFO'n sochiin kuni yaa dhaabbatu ejjennoo jedhu ab-baa qabxii kudhanii baasuu isaa akka armaan gadiitti eerameera.

1. Torbanoota darbanii jalqabee duulli Oromoo hidhu-urratti banamee jiru atattamaan akka dhaabbatu; kan-neen hidhamanis akka hiikaman.

2. Mootummaa giddugaleessaas ta'e qaamni biraan kan daangaa naannolee jijjiiruuf aangoo qabu waan hin jirreef daangaan Finfinnee fi Oromiyaa gidduu jiru bakka isa yeroo Chaarteraa irratti waliigalameetti akka deebi'u. Heera mootummaa cabsuudhaan daangaa darbee ijaarsi geggeeffame marti bulchiinsa Naannoo Oromiyaa jala akka galu.

3. Akkuma heera motummaarra kaayamee jirutti karaa siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa dantaan Oromi-yaan Finfinnee irraa argachuu qabdu qaamolee dhim-mi kun ilaallatu dabalatee atattamaan qoratamee hoji-irra akka oolu.

4. Karoorri magaalaa dhimma mootummaa federaalaa waan hin taaneef, mirga ofiin of bulchuus waan faallessuuf, maqaa maaster pilaaniitiin sochiin ee-nyummaa Oromoo balleessuuf godhamaa jiru at-attamaan akka dhaabbatu; labsiin magaalaalee Oromiyaa walitti makuuf bahes akka ka'u.

5. Maqaa misoomaatiin qonnaan-bulaa lafa isaarraa buqqisuun akka dhaabbatu.Qonnaan bultoonni lafa isaaniirraa buqqa'an misooma lafa isaaniirratti geg-geeffame keessaa akka abbaa qabeenyaatti hireen kennameefii sirnaan deebi'anii akka qabatan.

6. Sochii dhimma maaster pilaanii waliin walqa-batee barattoonni hidhaman akka gadi lakkifa-man; hojjettoonni hojiirraa ari'aman hojiitti akka deebi'an; maatii namoota miidhamanii fi ajjeefaniif beenyaa gahaan akka kaffalamu; reeffi barattoota heera kabachiisuu fi kabaja eenyummaa isaaniif jecha wareegamanii kabajaan deebi'ee akka aw-waalamu; namoonni ajjeechaa kana raawwatanis seeratti akka dhihaatan.

7. Mootummaan amma aangoorra jiru rakkoo mana jireenyaan hiika jechuudhaan qoteebulaa Oromoo lafa isaarraa buqqisee kanneen biroo wayita qu-bachiisaa jiru kana keessa, qotee bulaan Oromoos manni kan isa barbaachisu ta'uunsaa beekame akka lammii ilaalamuudhaan mana jireenyaa akka arga-tu.

8. Mootummaa Naannoo Oromiyaa bakka bu'uudhaan marii master pilanii dhoksaan geg-geeffamaa ture keessatti qooda fudhatanii mirga, dantaa fi eenyummaa Oromoo dabarsanii na-moonni kennan hojii fi aangoo qaban akka gadi lakkisan.

9. Magaalaan Liyoon maaster pilaanii eenyum-maa saba tokkoo balleessuurratti xiyyeeffate kana karoorsuutii jalqabee hanga hojiirra oolchuutti karaalee adda addaa gargaarsa gochaa kan turte yoota'u, dhimma biyya ormaa keessa galuudhaan hokkarri akka ka'u waan gochuu yaalteef uum-mata Itoophiyaa fi uummata Oromoo dhifama akka gaafattu; dhaabbileen idil-addunyaa kan-neen akka Baankii Addunyaas faayinaansii raaw-wii duguugiinsa sanyiitiif oolu akka hindeggerre gaafanna.

10. Dhumarratti uummatni, dhaabbilee fi mootummoonni dhala namaatiif kabaja qaban marti mootummaan Itoophiyaa lammiiwwan na-gaa jaalatani fi nagaa barbaadan dirqamaan gara hokkaraatti akka hin oofneef qooda barbaachisu akka taphatan gaafanna.

Mootummaanis kana hubatee gaaffii keenyaaf deebii ni kenna amantaa jedhu kan qabnu yoo ta'u, diddaadhaan kan itti fufu yoo ta'e, yeroo dhi-hoo keessatti biyya keessaa fi biyya alaatti hiriira nagaa kan waamnu ta'uunsaa beekamee uum-manni keenya bakka hunda jiru akka nu hordofu waamicha dabarsina.

## TEESSOO MOOTUMMAA...

Fuula 9 irraa dhufe

Ceehumsaa waa'ee babal'ina magaalaa Finfinnee akkas jechuun tokko jedhanii jalqaban, "Kanaa booda gud-dinni magaalaa Finfinnee gara oliitti malee dalga ta'uu hin qabu". Kun dhiibbaa babal'inni magaalaa Finfinnee uummata Oromoo magaalattii keessa jiraatuu fi itti marsee jiruuf darbees guutummaa siyaasa Oromoo ir-ratti qabu fageessanii arguu Pirezidaantii duraanii agar-siisa. Egaa sodaan isaanii hin hafne. Kunoo har'a rak-koo keessa gallee keessaa ba'uu hin dandeenye keessa dhidhimnee jirra.

Horaa bulaa!

## SHUKRII ...

Fuula 6 irraa dhufe

Qophiin isaa qophii Paan Afriik Feestivaal jedhamuud-ha. Biyyoota Addunyaa 27
oltu irratti hirmaata. Kana keessaa ammoo %85 ol adi-idha. Achirratti waa'ee
Oromoofi aadaa isaa boonsaa kana; waa'ee sirna Gadaa … sa'aatii nuuf kenname
keessatti argisiisudhaan suuran keenya feestivaala bara 2015 keessaa 3ffaa bahee
jira. Kun egaa akka Oromootti. Kanaaf Oromoon amma sadarkaa qaba
jechuudha. Waan kana yoomiyyuu hin dagadhu!

**Leelloo**:Uummanni akkamitti isin qeebale?

**Shukrii**: Kan hedduu nama ajaayibuudha. Biyya Jar-man keessatti muudannoo addaatu ture. Gurbaan warra Habashaa Teediin kun turban tokkoon nu dursee Jarmaniirratti
qophii qaba ture. Suuraa Miniliik uffatee waltajjii koreet uummanni tumee achii
isa ari'e. Lola guddaatu ture. Lolli kun walitti bu'insa Afrikaanonni biyya alaatti
godhan keessaayis isa guddaadha jedhama. Torban booddee waltajjuma sanirratti
dhaqnee yoo qopheessinu, uummanni dhaabbateet harka nuuf dhahaa oole! Hedduu nama ajaayiba!

Torban itti fufa.

# "LAFTI KEENYA LAFEE KEENYA!!"

Ifaa Gammachuutin

Uummanni Oromoo Maaster pilaanifi walitti makamuu magaalotaa mormuun lafa keenya kunnee hin laannu jed-hee fincilaa jira.

Mootummaan TPLF gama isaatiin lubbuu barattootaafi uummata hiriiricha irratti karaa nagaa hirmaatan galaafa-chuusaa itti fufee argama.

Barattootniifi uummatni Oromoo godinaalee Oromiyaa hundaa keessatti Master pilaanii Finfinnee isa federaalizmii diigee daangaa Oromiyaa cabsee qonnaan bultoota Oro-moo lafa isaanii irraa buqqisee Kan balleessudha jechuun Biyya nu dhaaluuf, Oromummaafi Ormiyaa akkasumas aadaafi afaan Oromoo hadhuura biyya keenyaa irraa bal-leessuuf ba'e dha jechuun mormuun akkaan balaaleffatanii barumsaafi hojii dhaabuun fincilaa hiriira bahanii kan jiran yoo ta'u, mormiifi diddaan kun gara fincila uummataatti tarkaanfachaa jira.

Barattootaafi uummata karaa nagaa gaaffii mirgaa gaafatan kana irratti tarkaanfii hammeenyaa mootummaan fudhate kan qiyaasa darbe ta'uunsaa Oromoota biyya alaa jiraatan biyya hundaa irratti mormiif kaachisaa jiraachuu bira dar-bee miidiyaaleen gurguddoon addunyaa keenya irratti ar-gamaniifi dhaabbileen mitii mootummaa gurguddoon kan-neen akka amnesty international faa balaaleffachaa jiru.

Yuunvarsiitiileefi manneen barnootaa keessa human addaa kora bittinneessaa jedhaman galchuun barattoota irratti rasaasa dhukaasuun lubbuun barattoota baay'ee galaafa-tameera. Ajjeechaan barattootaa kun ammas kan itti fufee jiru yoo ta'u keemikaala hin beekamne dabaltee barattoota irratti dhukaafamaa summeessuun fincilicha dhaamsuuf yaalamee yoo itti dhimma bahame illee garuu fincilicha dhaamsuurra gara fincila caaluuf uummata kakaasuu irratti argama.



Barattoota keenya akka ba'anitti hafan keessaa!!

Gochaa poolisoonni federaalaa barattoota ilmaan Oromoo qaqqacalee dabtaraafi qalama qofaa qabatanii gaaffii mir-gaa gaafachaa jiran irratti fudhatamu kanaan kan hin gam-manne poolisootiin Oromiyaa poolisoota Federaalaa wajji-in wal rukutuu jalqabaniiru. Magaalaa Naqqamteefi bakkee gara garaatti Poolisoota Oromiyaa kanneen barattoota ir-ratti hin dhukaasnu ilmaan keenya' lammiilee keenya ir-ratti dhukaasnee hin ajjeesnu jedhanii kanneen didan irraa qawween akka hiikkamu taasisaa jiru. Magaala Naqamteefi magaalaa Buraayyuutti poolisoota Oromiyaa irraaa qaw-ween hiikkatameera.

Poolisootiin Oromiyaa am-mammoo gonkumaa qawwee hin hiikkannu jechuun kanneen dhukaasanii barattoota ajjeesaa jiran dhukaasanii ajjeesuu jalqa-banii jiru.

Haala kanaan magaalaa gim-bii keessatti gaafa 07/12 2015 poolisootii sadii maqaan isaanii ANTENEH, YE AABINNET FI MEQOYYAA jedhaman Poolisootiin federaalaa Oro-moota dararan sadii poolisoota Oromiyaan ajjeefamaniiru.

Tarkaanfii mootummaan barat-toota Oromoo irratti fudhachaa jiru biyyatti kara hin taanetti ak-kka hin oofne yaaddessaa ta'ee jira.

## MORMIIFI IBSA KOMISHINII POOLISII OROMIYAA

Naannoo Oromiyaatti dhaabbilee barnootaa adda addaa keessatti mormii ka'e harki caalan too'annaa jala ooluu koomishinarri poolisii Oromiiyaa ibsa mi-idiyaalef kennaniiru. Muddee 02/12/2015 koomishinarri koomishinii poolisii Oromiyaa Ibraahim Hajii galagalarra korporeeshinii biroodkastii faanatiif akka dubbatanitti; Yuuniversiitiwwan Haromaayaafi Madda Walaabuu ak-kasumas, shawaa lixaafi lixa Wallaggaatti manneen barumsaa sadarkaa lam-maffaa tokko tokko keessatti nageenya booressitoota xiqqoodhan walqabatee jeequmsi ka'ee ture humna nageenyaafi hawaasa naannichaa waliin walta'ee too'annaa jala oolchuu danda'ee jira, jedha. Jeequmsa mudate kanaanis barbadaa'insi qabeenyaafi miidhaan namoota irra akka ga'e, komishinarri kun ibse, jedha.

Jeequmsi kun ka'uu kan danda'eef adeemsa guddinni biyyaa amma irra jiru kan liqimfamuufii dideefi isa kana gufachiisuu warreen barbaadaniini ta'ee, dhaabbilee barnootaa fayyadamuun socho'aa akka jiran ibse komishinarichi kun.

# KA'RRAA AJJEESEE DAGATUS KA'RRAA DU'E HIN DAGATUU...

Yaasoo Kabbabaatiin
0912 10 40 67
Email.nimoonaa@yahoo.com

WEELLISAA SHUKRII JAMAAL



**Leelloo: Shukrii Jamaal baga nagayaan dhufte!**
**Shukrii: Isinis**
**Leelloo: Mee of ibsi!**
**Shukrii: Ani Shukurii Jamaal hin gahuu? (Seeqadheeraa!)**
**Leelloo: Shukriin maal jaalata?**
**Shukrii: Beekkamaadhamii, aartidha kaa!**
**Leelloo: Aartii keessaa hoo?**
**Shukrii: Eeyyee akkasitti saaqaa nama gaafadhaa malee! (Seeqadheeraa) Ani waan mara caalaa barreessuun jaaladha.**
**Leelloo: Wallisuu dhiistee way barreessuutti gortee haftaa?**
**Shukrii:Lakkii kan barreessuu haalan too'ate wallisuu waan too'achuu danda'uufi malee.**
**Leelloo: Shukriin aartii ittiin jiraachuuf hojjeta moo fedhasaati?**
**Shukrii: Ani aartii jiraachuuf odoo hin taane waan kennama koo ta'eefan hojjedha. Nan yeedala, namootafis nan laadha.**
**Leelloo: Shukriin yoo wallisu ittiin jiraachuuf odoo hin taane du'uuf hojjeta siin jedhu namoonni. Akkam jetta?**
**Shukrii:oflaatan malee waa hin baatan!**
**Leelloo: Kanaan dura egaa wallisaan Habashaa uummata keenyarratti qoosuu fedhe tokkoof deebii barbaachisaa laatteerta mee nu yaadachiisi?**
**Shukrii: Ka'rraa ajjeesee dagatus ka'rraa du'e hin dagatuu...maabaaccaahoo...hoo**
**Leelloo: Maal jechuudha laata ?**
**Shukrii: Seenaan aannoleefi calanqoo faan ati gowwaafi wallaalaa taatee baacuu yoo feete malee dhugaadha. Kanaaf san tuttuquun madaa teenya nutti kaasaa dhiisi jechuudha. Sanuman itti hime! (Seeqadheeraa)**
**Leelloo: Shukriin yeroo daa'imummaa isaa akkam ture? Akkamiin takkaatti beekamtii Akkanaa argachuu danda'e?**
**Shukrii: Ani yeroo daa'imummaatii kaasee nama hedduu nama bashannansiisudha. Ijoolleen mana keenya na bira ooluuf jecha dhufan guyyaatti digdamaa gadii miti.**
**Leelloo: Maali ni sirbitaaf moo qoosaa biraas itti himta?**
**Shukrii: Ni sirbaaf, qoosaa itti hima; kubbaallee nin taphadhaa...hedduudha.**
**Leelloo: Kubbaas taphataa cimaa turte jedhu sun hoo akkami.**
**Shukrii: Hedduu! Hanga Kilabii Buna Itoophiyaa garee 'B'tti deemuu nama danda'eedha.**
**Kanaanillee namoota na jaalatan hedduu horadheen ture.**

Leelloo: iddoo kam irra taphataa ture?
Shukrii: Adamsituu goolitan ture. Goolii omishuunin beekkama. Kubbaa galchee wantin argisiisu, akkittiin sirbu marti nama ajaayiba ture. Saniituu namoota na jaalachiisa ture.
Leelloo: Silaa walluudhan as bahuu baattee kubbaadhan si argannaayyu jechuu dandeenyaa?
Shukrii: Waan tokko hin dogongorre!
Leelloo: Wallisuun kun waan uumamaan dhufe moo kan guyyaa keessa barnoota fa'iin gabbiste?
Shukrii: Aartiin waan uumamaati. Wanti goonufi jennu hundi aartiidha. Namni waan godhu maraa artidhaan raawwata. Ani fakkeenyaaf yeroon kubbaa miilaa taphachuutti ture aartidhanini ture.
Leelloo:Ati takkaatti waltajjii gurguddaarratti mul'achuu nama danda'eedha. Kanaaf maaltu gumaache jetta?
Shukrii: Wallistoota Oromoo kan akka Kadiir Martuu galanni yaa gahu warra garanatti akkan dhufu na taasisan. Essumni kiyya kan amma London jiraatu hedduu na gargaarera. Isaani huubni ija hin bu'in. Kanarratti dabalataan ammoo yeroo Habashoonni ilma isaanii badhaasanii nutti duulchisan anis dhalataa saba kanaa waanan ta'eef Afaan Saba kanaa ta'ee argamuu kootin natti fakkaata!
Leelloo: Tole mee kaa jalqaba sagaleen kee kan saba bira gahe yoomi?
Shukrii: Bara 2010 ALA
Leelloo: Kana gedduutti egaa waltajjiiwwan hedduu biyya keessaafi alatti hojjettee jirta ? Mee meeqa ta'u oromoon hoo akkamitti sifudhate?
Shukrii: Waltajjii hedduudha. Waltajjii gurbaan Habashaan sun waggaa 100ffaan ittiin Hojjedha jedhee yaade san mara isa afaan luugamuudhan kan hojjete ana! (Kolfa dheeraa!) Biyya keessatti yunivarsitoota jiran keessaa %80 olitti hojjedheera.
Leelloo: Mee sochii ati saba dammaqsuufi deebii Habashicha kanaaf laatte kanaan dhiibaan gama aartiin sirra gahe jira jechuudha geenye isa nuuf ibsi.
Shukrii: Erga sanii qophii biyya keessatti qophaa'u kamirrattuu akkan hin waamamne godhan. Walii galteen Itiyoo Awutomotiiv waliin yeroo dheeraaf walii mallatteessinellee achiin booddee haqame. Amma biyya keessatti waltajjii kamirrattuu gama dhuunfaan yoo ta'e malee hin waamamu.
Leelloo: Waltajjiin baargamaa hoo?
Shukrii: Daangaa biyya kanaatin ala bakka Oromoon jiru eessayyuu hin hafu.
Leelloo: Erga jalqabdee waggaa gabaabduu tanatti waltajjii biyya alaa argachuun fudhatama guddaa qabaachuu keet mul'isa. Mee eessa eessatti hojjette?
Shukrii: Jarmanii, Hoolaandi, Deenmaark, Noorway, Siwidiin, Dubaay amma ji'a tokkoon booda ammo Ameerikaa nan dhaqa…akkuma jedhe bakka Oromoon jiru mara nan dhaqa.
**Leelloo**:Qophiin Deenmaark irratti atiifi Yaaneet Dinquu dhiyeessitan kan seenaa saba Oromoo keessatti ta'ee hin beekne jedhama san nuuf himimee.
**Shukrii**: Gaaridha. Carraa artistoota keenyaa keessatti kun waan argamee hin beekne.

**Gara fuula 5tti darbeera**





Leelloo



## KEEMIKAALA BOOCHISU MOO!?...

Keemikaala Boochisumoo…?
Keemikaalli Mootummaan ijoollee naannoo Sulultaatti hiriira nagayaa bahuuf jiran irratti fayyadame kun dhuguma kan boochisuu laata jettanii of gaafachuun keessan waan hin oolledha. Sababni isaaammoo ijoolleen kun gaafa waan kun itti hurgufamee kaasanii hedduun isaanii hospitaalota adda addaa keessatti yaalaf galanii argamu waan ta'eef.

Dhuguma kun gaaffii namoota hedduuti jedheen abdadha. Keemikaalli kun hundaafuu ifa ta'uu dhiisuun isaatuu gaaffii kanaaf deebii ta'uu akka malu ammoo akkamiin yaadnu laata!? Gama biraatiin mootummaan ijoollee hiriira nagayaa bahuuf baate kanarraati waan akkanaa fayyadamuun waan biyyoota tokko tokko keessatti darbee darbee mul'atu jennee odoo yaadnee,wanti asitti mul'ate kun garuu isa jennee yaadudhaaf wanti nu gufachiisu hin jiraatuu laata? Kanaaf waan tokko tokko kaasnee odoo ilaallee hubannoodhaf gaarii ta'uu hin oolu.

Dursa akkuman arma olitti ibse ijoolleen waan kanaan miidhamte kunneen balaa guddaarra bu'uudhaan yaalaaf hospitaala keessatti argamu. Guyyuma gaafasiitii kaasanii ijoollichi bakka hiriira itti bahuuf turan sanirraa kaasanii. Erga Keemikaalli kun itti buufamee kaasee ofwallaalanii kufuudhan baattamanii gara hospitaalaatti geeffamaa turan. Dhugaa Gaaziin nama boochisu sun akkana nama godhaa laata ? yoo jenne waan dhugaa addunyaatirra jiru kaasnee yaa ilaallu.

Keemikaalli kun jalqaba hojiirra kan oole waraana addunyaa 1ffaa irratti yoo ta'u meeshaa waraanaa jedhamuudhan kan dhimma itti bahameefi ammallee taanan akka meeshaa waraanatti galmeeffamee kan jiruudha. Gosti keemikaala kanaa hedduu yoo ta'u jajjaboon lama : ω-chloroacetophenone, ykn CN, fio-chlorobenzyliden emalononitrile, ykn CS jedhamaniidha.

Kana keessaa inni jalqabaa CN jedhamu kun salphaafi yeroo hedduu gurmii tokko bittineessuuf kan dhimma itti bahan yoo ta'u irra guddinaan ija gubuudhaan namoonni imimmaanifi furrii akka hin qabanne godhee joonjessa.

Inni lammeessoon CS, kan jedhamu kun ammo akka isa kan jalqabaa ija kan gubu yoo ta'u sanatti dabalataan ujummoo gara sombaafi garaatti qajeelu keessa seenudhaan qufaasisee sirna hargansuu jeeqa. Kanaanis namoonni hanga fedhan waan fedhan sanitti akka hin deemne godha.

Asirratti egaa namiyyuu kan hubachuun irra jiraatu CN ta'ee CS nama gubaatii kan turan daqiiqaa 5-10 qofa yoo ta'e kuniyyuu yoo qilleensa qulqulluu odoo hin argatin turaniidha. Kana jechuun yoo qilleensa keessa ta'ee yeroon turtii isaa sanii gadi ta'a jechuu akka ta'e hubatamuutu irra jiraata.
Dhugaan jiru kana ta'ee odoo jiruu inni Mootummaan biyya kanaa ijoollee Oromoo irratti firfirse sun maaliif ijoollee laaffisee hanga ajjeesutti gahuun gara hoospitaalaa akka guurraman godheree?

Asirratti muuxannoon biyyoota adda addaa akka nutti himutti gaazii summaa'aan gaazii isa nama boochisu kanaan walfakkaatu kan sirna hargansuu jeequdhaan hanga lubbuu balleessufi naannoo faaluu gahu ammo akka jiru hubachuun danda'amaadha. Fakkeenyaaf biyya Liibiyaatti pirezidaanti Muhaammad Gaaddaafiin yeroo fincilli irratti ka'ee turetti gaazii Filooroo Kilooroo Asiid jedhamuun beekkamuufi gaaziwwan miidhaa jaboo geechisan kan kanaan hedduu walfakkaatan fayyadamuun isaa; Siiriyaa keessattis wanti kun Pirezidaanti Alaasaadiin hojiirra ooluun isaa waan yeroo dhihoodhaa as yaadannuudha. Jarri kunnneen lamaanuu waa'ee waan kanaa y gara fuula 10 tti darbeeera eroo gaafataman gaazii nama boochisu malee takkaa keemikaala lubbuu duguugu hin fayyadamne jechuun waakkatu.Yaata'u malee namoonni bakka kanatti gaazii

gara fuula 10 tti darbeera

## OOLMAA ADEET

Fuula 3 irraa naanna'e...

chisuun qondaalli Wayyaanee olaanaa obbo Abbay Tsahaay "osoo namoonni Afaan Oromoo dubbatan DhDUO jalatti hiriiranii dhaabichi hin hundeeffamne ta'e Oromiyaa seenuun hin yaadamu ture" jechuun kaayyoo hundeeffama dhaaba kanaa dhugaa bahanii turan.

Kana booda namoota Afaan Oromoo dubbatan barbaacha mudhii hidhatanii ka'an. Sakatta'a hedduu boodas booji'amtoota Shaabiyaa Warraaqsa Dimokiraatummaa Uummattoota Toophiyaaf kennamanii kan turan loltoota Dargii ture kan argaman. Booji'amtoota kana kan fide hoogganaa Warraaqsa Dimokiraatummaa uummattoota Toophiyaa yeroo sanaa kan ture Yaared Xibabuuti jedhama. Namtichi kunis gara Eertiriyaa deemuudhaan hoogganaa Adda Bilisa Baasaa Uummata Eertiriyaa (Shaabiyaa) kan ture Roomedaan Ahmad Nuurin booji'amtoota daawwachuu akka barbaadu ibseefii ture.

Eeyyamas argatee booji'amtoota gara 9000 ta'an kan daandii fi riqicha garaagaraa hojjechaa turan achitti argaman ilaale. Yaared Xibabuu fi Roomedaan Ahmad Nuur erga waliigalteera gahanii gara booji'amtoota 300 fi meeshaalee waraanaa garaagaraa eeyyameefii gara dhufeetti deebi'uu Yaared Xibabuutu himama. Haala kanaan naannoo bara 1989tti paartiin Dhaabbat-aDimokiraatawaa Uummata Oromoo jedhamu kan hundeeffame. Akka maddoonni garaagaraa ibsanitti namoonni dandeettii adda addaa qabanis jara kana keessa turan. Fakkeenyaf, Jeneral Baacaa Dabalee dandeetti "gitaaraa fi kiyiboordii" taphachuu qabaachuun alatti sirboota Afaan Oromoo sirbaa akka ture ni himama. Akkasumas, gaafa mana hid-




haa Shaabiyaa keessa turan namoonni bixxillee tolchuu baratan waan jiraniif isaaniif illee tolchaaakka turan dubbatama. Wixinee qabsaa'oota Tigraay boodas jarri kun gurmaa'uudhaan Dhaabbata Dimokiraatawaa Uummata Oromoo hundeessan. Imaamatni yeroo ammaa kana waldaadhaan gurmaa'uu fi raayyaadhaan gurmaa'uu jettu kunis yeroo sana sammuutti isaan hafuu hin ooltu jedhu keessa beektonni. Namoonni yeroo sana gurmaa'anis lakkoofsaan gara namoota kudha sadii yommuu ta'an:- Kumaa Dammaqsaa, Abbaa Duulaa Gammadaa, Baacaa Dabalee, Yoonataan Dhibbisaa (hooggana dhaabaa kan ture) fi Dirribaa Harraqoo isaanii muraasa turan. Hundeeffamni dhaaba kanaa inni waliin dhahaan sun Darraa Harbuu Masqalee irraa gara Tigraay Adeetitti jijjiiramuun isaa ilaalcha waliin dhahaa tokko sammuu jara kanaa keessa kaa'ee darbeera. Dubbichi "harreen waanuma itti fe'an baatti"akka jedhamu sana yoo ta'e wal nutaajabsiisuun isaa hin oolu. Magaalaa Hawaasaatti namtichi arraba hidhaa sun "warra karoora keenya jala dhaabatu kana gatii harka isaanii kenninaaf" jedhee dhaadate. Kaabinoota maaster kiilerii sana morman jechuu isaati. Dhaadannoon Abbay Tsahaay kun immoo dhaadannoo abbaan ilmatti dhageessisu bira darbee kan gooftaan garbicha isaatti dhageessisu ta'ee mul'ata. Yoos dhuguma Adeet biyyi abbaa oftuulaa kanaa bakka hundeeffama jara keenyaa ta'innaa? Ta'us akka reefa hiyyeessaa bakka hundeeffama paartichaa oliifi gad oofuun tuffiidha.

Barreeffama obbo Leencoo Lataa: The Ethiopian state at cross roads-Decolonization, Democratization or Disintegration jedhu waabeffachuun H/Masqal akka barreessetti: "ABO'n jala-deemtuu TPLF ta'uu akka hin dandeenye yeroo hubatan DhDUO hundeessurra darbanii filannoo tibba sana Naannoo Oromiyaatti gaggeeffame akka hin taanetti waliin dhahuudhaan dhaabicha hidhannoo hiiksisanii adeemsa siyaasa yeroo sanaa keessaa guutummaatti akka bahan taasifamee jira" Oolmaan Adeet DhDUO tiif oolte kana fakkaata. Darraa Harbuu Masqalee shira kanatti mufatus gaabbii waan qabdu natti hin fakkaatu.

## HUMNI BARATE...

fuula 4 irraa dhufe

maan isaanii carraa biyya fedhan deemanii akka hojjetan ni gargaara.

Abdiin uummataafi mootummaa humna barate osoo ta'ee jiruu mootummaan dantaa olaanaa humna waraanaaf kennuun isaa bulchinsi hooggansa biyya kanarratti qabu xiqqaa ta'uufi humna barateraa amantummaa dhabuu isaa mul'isa.
Galatoomaa! Galaanaarraa

# ODAA



MAHAAMMAD GAMMACHUU MAGUU
qulushmoh@yahoo.com

**Fuula 1 irraa naanna'e...**



farda; beeyilada keessaammoo sa'a;… muka keessaalee Odaa! Mee odaan Oromoof maali akka tahee argaa-dhageetii nu dhaqabeerra hanga beekuuf dubbise irraa kahee waa haa jedhu.

Biqiltuuwan Oromiyaa keessatti magran danuu keessaa Odaan tokko. Mukti kun-Odaan- mogaasa saayinsawan, [Ficus sycomorus], jedhama. Haayuun seenaa Oromoo obboo Muusaa Aadam barreefama isaanii baruullee Galaa imalaa: komishiinii barnoota fi leenjii Teekniikaa fi Ogummaa Oromiyaatiin kan qophaa'e. Jildii I lakk. 1 bitootessa 2007, fuula 45-46 irraati baasan keessatiis bakka Odaan ummata Oromoo biratti qabu yoo ibsu, "muka ummata Oromoo birati mukkeen hundaa caalaa jaalatamu, kabajamuu fi kan milkii ta'uun beekamuudha", jedheeti.

Oromoof Odaan muka qofa miti. Odaan Oromoof seensa isa ittiin argan. Odaan malattoo Oromoo ibsu. Jiruuf jireenya Oromoo keessatti wanti Odaan walitti hin qabamne tokkollee hin jiru. Obboo Muu-saaniis barreefama isaanii keessati,"Odaan … qabeenya addaa Oromoo ofiin beekuu..." jedhu. Mili'uuf mulatni, hawaas-dingdeen, siyaasni fi ilaalchi Oromoo yoo kaafamee diriiru,Odaan bakki isaa wirtuu dha.

Odaa jalatti seeratu tumama, ragaasiifama, murama. Akka barruullee qorannoo Oromoo jildii 1, bara 1997 maxxanfamtee baate irraatti Hayyuun Seenaa Bonnie K. Holcomb jedhaman barreesaniiti, qaamni kamuu hunda dura Oromoo biraa simana ho'aa argachuu yoo fedhe Odaa asxaa godhatee itti dhihaachuu tu eegama. Kanaaf ragaa kan tahuu dhaabillee walgargaarsaa irraa kaasee hanga jaar-miyaalee siyaasaa; mootummaa naannoo ti kaasee hangaa waajjiraalee mootummaa naannichaati gid-du-gala asxaa, alaabaa fi malattoo isaanii yoo hubannoon ilaale Odatu ifee mulata. Egaa jarmiyaaleen kuniin wanni isaan tokko godhu jiraanan, ummata Oromoo-ti dhihaatanii, innis garaan fudhatee dinqa isaatti haa isaan simatuuf odaan furtuu tahuu hubachuu isaanii agarsiissa. Haayyuu Seenaa Oromoo Muusaa Aadamis barreefama isaanii keessatti "bakka asxaan Odaa jiru hunda Oromootu jira. Qabeenyi sunis kan Oromooti" jedhamee amanama jedhanii ragaa bahuu.

Oromoon faayidaa ulee kan murteesu muka irra murameerraa kaheeti. Barruulleen armaan oliitti eere jildii 4, bara 1997 baatee irratti aaddee Kuwee Kumsa bareefama isaanii siiqqee institution jedhu jalaati siiqqeen fi horooroon maaliif akka ulee biraamaddii-ti hin ilaalamne yoo ibsan "…lameenuu[siiqqeen fi horooroon] gaafa fuudhaa-heerumaa idaayiitiif idaayaan kan harka-ti qabataman dha. Uleewan kuniinsiiqqeef horooroo kan taasiise muka Odaa irraa boccamanii tolfamuu isaaniiti." jedhan. Dr. Gammachuu Magarsaa waabeefachuuniis, "…bakka tokko tokkotti siiqqee fi horooroon muka harooreesa irraalee tolfamuu ni danda'ama..." jedhu. Assiirrati qottoo muka Odaa irraa boccuun teeda.

Jaarmiyaan muummichi, Waldaan Maccaaf Tuulamaalee, gosoota moggaasa waldichaa keessatti tu-qamaniin alatti Oromoo maratti attamitti fudhatama hoo'aa argaachuu kan danda'eef sababuma Odaa asxaa godhateef tahuu seenaan ni dubbata. Olaanaa Zoogaa kitaaba isaa afaan Amaaraatiin Gizitina Gizoot jedhanii mogaasan fuula 19 keessati, haala yeroo san ture yoo raga bahaan akkasiin. Bu'uuresitoota Waldaa Walgargaarsa Macca fi Tuulamaa keessaa tokko kan tahaan beekaan seeraa, hayyuun seenaa Oromoo obboo Hayila mariiyam Gammadaa [seenaan isaan hin dagatiin] gaafa waldaan kun yayyabamu Odaa asxaa waldichaa yaa tahuu yaada dhiheesee jaaleewan isaa kaan aman-siise ture. Obboo Haayila Mariiyam Gammadaa [seenaan isaan hin dagatiin] Odaan maaliif asxaa Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaaf haa tahuu yoo ibsan, sababileen dhiheesee ture, Odaansaba Oromoof malattoo bilisummaaf walabummaa ti jedhee ture. Akkasumas attamitti obboo Hayila-mariiyam Gammadaa[seenaan isaan hin dagatiin] gumii bu'uuresitoota waldichaa itti amanisiisan yoo addeesu, mogaasni 'Maccaa-Tuulama' tokkumaa gosoota Oromoo lameen kan agarsiisu yoo tahuu as-xaan isaa, Odaan, garuu hawwii deebi'uu sirna asilii Ormoo-sirna Gadaa fi malattoo tokkumaa Oromoo kan muliisu dha.

Akka Oromooti, Odaan muka leemoo, gaaddisa madda nagaa, wirtuu dhugeefannaa, akkaan ulfoo, baayyee kabajamaa fi galma mootummaati.

Baruullee qorannoo Oromoo jildii 12, lak 1&2 bara 2005 Waldaa Qorannoo Oromoo tiin maxxanfamtee magaalaa irra oolte keessattiis barreefama 'Buttaa Rituals Of The Sayyoo Oromo'haayyoota see-naa Oromoo kan tahaan Alessandro Triulz fi Tnmene Bltlma ti sirna buttaa keessatti bakki Odaan qabu akkasiiti kaahu. Guyyaa sirna Kalalaa Guutuabbaan bokkuu luuba darbee bokkuu luuba dhufuuti yoo dabarsu harkatti walitti hin kennan. Akki godhaniis abbaa bokkuu dabarsuu bokkuu fidee baala Odaa irraa yoo kaahu kuunis dhaqee bakka isaa bu'ee baala Odaa irraa fudhata. Kuniis, Odaanluba duraatiif itti aanuu gidduuti malattoo irbuu, ragaa geeggeefama sirnichaa-ti jechuu ni dandeenya.

Akkasumas ijaarama sirna Gadaa keessatti Odaan shoora guddaa taphata. Jaarraa 16heessoo gaafa Oromoon birmadummaa biyya isaa deebisee gonfachiisuuf duule san boobbaan lamaa, Booroo fi Barii, kan socho'ee jaatanii waggoota sadiif(1518-1521) Odaa Madda Walaabuuti geegefameen booda ture. Achii as Oromoon duulaa milkiin erga galeen booda konfediraasiin Booroo Odaalee lama, Odaa Nabee fi Odaa Bisil, jalaatti, koonfediraasiin Barii ilee Odaalee lama, Odaa Bultumiif, Odaa Roobaa jalatti kora sabaa geggeesuun seera heddu jalatti tumatanii, murtiileen ciccimoon jalatti dabarfatanis.

Akka Muusaa Aadam fi Aadam Tiinnaa kitaabaa isaanii 'Seenaa Oromoo fi Madda Walaabu' jettu keessatti jedhaniit, kori sabaa Oromoo jalqabaa jaarraa 16heessoo Baale Madda Walaabu ti, qajeelfamni bobbaa waraana-tiif darbes akkuma diina manccaasanii birmadummaa biyya Oromoo kabajjisanii booda ergaa Abbaa Gadaa Madda Walaabuu, Gadaa Birmajii, Walaabuu Jiloo isaanii dhaame saniiti,"…hundee seera Gadaa osoo hin jijjirin, Gadaa isaa eeggataa, Galma Qaalluu deebisee akka ijaaratu…" ture. Gadaa deebi-sanii ijaaraniis yoo moogasani Odaan mogaasan-Murtilee kora sabaa Odaa Madda Walaabuu jedhan. Caffee isaaniis Odaa gadaa isaanii itti mogaafatan jalati geegefatan. Assiirrati qaamoolee motumaa gadaa keessaa qamni seeraa teessumni isaa dhadacha yoo tahu, qamni seera tumuuf seera ragasiisu garuu tee-sumni caffee isaanii Odaa dha. Odaan malaattoo dimookraasii Oromoo ti. Ijaarsa haawasa dimookiraatawaa haaraa ragasiisuuf yoo barbaadame Odaan malaattoo qixxee hin qabne.

Haayuun seenaa Oromoo obboo Muusaa Aadam barreefama isaanii baruullee Galaa imalaa: komishiinii barnoota fi leenjii Teekniikaa fi Ogummaa Oromiyaatiin kan qophaa'e. Jildii I lakk. 1 bitootessa 2007, fuula 45-46 irraati baasan waabefachuun wantoota ajaa'ibsiisoo Odaa mukeen biraa irraa adda gochuun ummaticha biratti jaalatamaa fi kabajamaa taasisan uumama icittii Odaan qabu ilaala.

## Icciitii Odaa

Akkuma lafa qubsuma saba Oromoo, lafti Odaanirratti biqilu lafa addaa, gabbattuu, qananiitu jalli isii bi-shaan qabuudha. Yeruma kamiyyuu Odaajalaa ykn naannoo Odaatiibishaan hin dhabamu. Bishaan ammo lubbuu namaatiif barbaachisaa waan ta'eef ummanni gaaddisa Odaajalatti yaa'iif wayita walgahu yaaddoo bishaanii keessa hin galu.

Odaan akka mukkeen biro harka namaatiin dhaabamee hin biqilfamu. Sanyiin Odaairraa biqilfamus hanga ammatti hin beekamu. Akka mukkeen birootis bakkeewwan hundatti hin biqilu. Odaan falaxamee ijaarsa mana fi dallaatiif akkasumas, muramee gurgurtaa gabaatiif hin oolu. Gonkumaa immoo muka qottoo tiif hin oolu.

**Gara fuula 2tti darbeera**

# AKKAATAA MAGAALAA TEESSOO MOOTUMMAA FEDERAALAA TAATE ITTI....

**Leelloo Jildii 2ffaa irraa itti fufe**

**Moonenus Hundarraatin**

Maxxansa Leelloo waggaa 1ffaa Jiildii 2ffaa Sadaasa 27, 2015 keessatti sirna federaalizimii keessatti akkaataa itti magaalaa teessoo mootummaa federaalaa hundeessan ilaaluu jalqabuun keenya ni beekama. Haaluma kanaan filannoo tokkoffaa ilaallee turre garuu yaada xiqqoo qabxii darbe waliin wal-qabatu itti fufnee ilaaluudhaan gara filannoo lammaffaa ilaaluutti ceena.

Egaa Xoophiyaan sirna federaalizimii eenyummaa irratti hundaa'e hordofuu kan jalqabde bara 1991 irraa kaasee yommuu ta'u magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate filachuuf xiqqoo rakkisee ture. Yommuu Mootummaa Ceehumsaa Finfinneen teessoo mootummaa federaalaa yoo taateyyuu akka naannoo tokkootti hundooftee ture. Haata'u malee heera 1995 keessatti Finfinneen teessoo mootummaa federaalaa ta'uudhaan kutaa bulchiinsa mootummaa federaalaa akka taatu taasifame. Mootummaan Oromiyaa dhibba keessaa dhibba magaalaa kana irratti aangoo hin qabu. Mirgi Oromoo Finfinnees akkuma jirutti ukkaamfame. Keewwanni 49 (5) fedha Oromiyaan Finfinnee irraa qabdu waan kabachiisu fakkaatus dhugaan jiru kan biraadha. Finfinneen yeroo irraa yerootti babal'achaa amma sadarkaa to'atamuun hin dandeenye irra geesseetti. Mootummaan Oromiyaas mootummaa federaalaaf bakka gadhiisaa; fedhaan hawaasaa fi lafa Oromoo Finfinneetti naanna'anii jiran waan kenne fakkaata. Kanaafi, magaalaan Finfinnee isaan hanqannaan gandoota baadiyaa fi magaalaawwan Finfinneetti naanna'anii jiran mara qabachuuf sochiin taasifamaa kan jiru. Adeemsa kana seerawaa fakkeessuuf seeraa baasuun darbees waggoota itti aanan muraasa keessatti heera federaalaa fooyyeessuuf tattaaffiin godhamaa jira.

Kanaa waliin wal-qabatee "Maater Pilaaniin" bara darbe ba'e fi mormiin hanga ammaatti adeemsifamaa jiru miidhaa magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate bifa kutaa bulchiinsa mootummaa federaalaatti hundeessuun geessisedha. Yeroo ammaa kana saboonni kaan gara Finfinneetti godaanaa; Oromoon gara alaatti keessaa baqachaa jira. Hojmaannii fi adeemsi jiru hundi Oromoo Finfinnee fi naannawaa jiraniif hadhaa'aa kan ta'ee fi eenyummaa fi abbaa biyyummaa Oromoo kan gaaga'u ta'uu ija keenyaan argaa jirra. Gama tokkoon Keewwanni 49 (5) hojiirra hin oolle; gama biraan Finfinneen teessoo mootummaa Oromiyaa taatee otoo jirtuu Oromiyaan irratti aangoo hin qabu.

Egaa maal wayya? Babal'ina Finfinneetu dhaabbata moo? Mirga Oromoo Finfinnee fi naannawaa Finfinnee jirantu kabajamamoo? Qaamni Oromiyaa bulchu humnaa fi ofitti amanamummaa qabaatee Finfinnee fi naannoo Finfinnee irratti aangoo qabatamoo? Mootummaan federaalaa fi bulchiinsi magaalaa Finfinnee akka barbaadan Oromoo arii'aa lafa Oromoo qabachaa hanga barbaadan deemu laata? Gaaffilee kanneenii fi deebii isaanii Oromoo har'aa fi dhaloota booruuf dhiifna!

Kutaa 2ffaa

Magaalaa teessoo Mootummaa Federaalaa taate "Akka Bulchiinsa Magaalaa Ofiin of Dandeessee Bultuutti" hundeessuu dha.

Filannoon kun magaalaan teessoo mootummaa federaalaa taate akka mootummoota kaanii of dandeessee akka of bulchituu taasisa. Biyyoota sirna federaalizimiin bulan keessaa magaalonni afur bifa kanaan hundeeffamaniiru. Isaanis:

Magaalaa Veenaa: Biyya Awustiriyaa
Magaalaa Moskoo: Biyya Raashiyaa
Magaalaa Berliin: Biyya Jarmanii fi
Magaalaa Biraasiles: Biyya Beeljiyeem

Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti kaasuuf, magaalaan Biraasiles mootummoota naannolee biyya Beeljiyeem sadii keessaa ishee tokkodha. Akkasumas, magaalaan kun teessoo Gamtaa Awurooppaa taatee tajaajilti. Kana waliin walqabatee wanti hubatamuu qabu magaalota akka mootummaa naannoo tokkootti hundeessuun magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taate qofaa miti. Fakkeenyaaf, magaalonni Bireemenii fi Haambargi: biyya Jarmanii keessatti; magaalaa St. Piiterisburgii: biyya Raashiyaa keessatti argaman akka bulchiinsa naannoo tokkootti ofiin of bulchuudhaan hundeeffaman.

Egaa gaaffiin jiru; bifa kanaan magaalaa teessoo mootummaa federaalaa taatee fi magaalota gurguddoo biroo akka mootummaa ofiin of bulchitu tokkootti hundeessuun hawaasa magaalaa sana keessa jiraatuu fi naannoo magaalaan sun keessaatti argamtuuf faayidaa fi miidhaa maalii qaba kan jedhu dha. Haaluma kanaan bifa kanaan magaalaa teessoo mootummaa federalaa taate hundeessuun faayidaawwan armaan gadii qaba:

Harki mootummaa federaalaa fi kan mootummoota naannolee, keessumaa dhiibbaa mootummaa naannoo magaalaan sun keessatti argamtuu, ni hanbisa.

Hawaasni magaalaa sana keessa jiraatu mirga ofiin of bulchuu ni qabaata.

Wal-kiphuu fedha mootummaa federaalaa fi kan mootummoota naannolee hanbisa.

Gama biraan, qabxiileen armaan gadii akka hanqina filannoo kanaatti ni ilaalamu.

Mootummaan federaalaa magaalaa teessoo mootummaa isaa taate irratti akka aangoo dhabu taasisa

Magaalli sun ni babal'atti yoo ta'e mootummoota naannolee olla jiran waliin yookaan mootummaa naannoo magaalaan sun keessatti argamtu waliin walitti bu'iinsa fida. Fakkeenyaaf, babal'inni magaalaa Biraasilesii mootummaa Naannoo Fileemish waliin walitti bu'iinsa fidaa jira. Darbees, sababa babal'ina magaalaa Berliniitti dhiibbaan magaalaa Biraandenbargii kan biyya Jarmanii walitti dabaluun rakkisaa jira.

Bu'uuraalee misoomaa fi kenniinsa tajaajila ga'aa kennuu irratti waan xiyyeeffattuuf namoonni bakka biraa irraa gara magaalaa kanaatti akka godaanan jajjabeessuudhaan eenyummaa hawaasa jalqaba magaalaa sana keessa jiranii ni ajjeesa.

Biyyi sirna federaalaa jalatti bultu kun mootummaa giddu-galeessaa cimaa ta'e akka dhabdu taasisuudhaan hunkurama yookaan caccabuu biyya sanaaf sababa guddaa ta'a.

Jiraattota magaalaa sanaa keessatti sabni yookaan gareen baay'ina yookaan olaantummaa siyaasaa qabu hawaasa kaan irratti gama hundumaan dhiibbaa uuma.

Mootummaan naannoo magaalli sun keessatti argamtu lafa, uummataa, fi qabeenya mataa isaa irratti aangoo akka dhabu taasisa.

Egaa haala qabatamaa kana impaayera Xoophiyaatti firoomsuun ni dnada'ama. Akkuma beekamu kufaatii mootummaa Dargii booda waggoota afur gara jalqabaaf Xoophiyaa Mootummaa Ceehumsaan bulaa turte. Yeroo sana magaalaan Finfinnee mootummoota naannolee kudha afur keessaa tokko ta'uudhaan magaalaa guutummaatti ofiin of bulchitu taatee hundeeffamte. Yeroo sana, akkuma har'aa, Finfinneen teessoo mootummaa Federaalaa fi magaalaa guddittii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa taatee tajaajilaa turte. Falmii yeroo sana ka'e keessatti Pirezidaantiin Oromiyaa yeroo

gara fuula 5tti darbeeera

# EGEREE KEENYA

## Kutaa 2ffaa

## Egeree Diinagdee Oromoofi Oromiyaa



**Ofiikoo Nugusee**

☐ Abiddi faroo boba'uu qabu, hanga galoon darbitutti ni aara! {Diddaafi Xiiqii} Kan caba cinaachaa bowoo mataa himatu, dawaa ogeessi itti laateen du'a! (lugnummaafi bu'aa isaa)

Dhugaa afaan yoo qaban, funyaaniin dubbatti jennaan, ishee keenyaa afaan waliin funyaanis qabanmoo funyaantu itti hin jirreree? jedhe jedhama.( komii qoosaa fakkaatu)

Jaallewwan LEELLOO fuula Leelloo torban darbee irratti imaanaa walitti laannee,waadaa Oromummaa waliif seennee akkuma horaa bulaa deebanaan adda baane har'a anaa dhufu osoo isin hin jedhiin dursinee anuma jechuun sagalee haqa leellisuun isin simanneerra.

Torban darbe gumee egree keenya jedhu jalatti Egeree diinagdee Oromoo fi Oromiyaa Seensa yaada walii galaa kaasuun keenya ni yaadatama. Irra keessa qabxiileen ka'an akkuma jiranitti ta'ee, bulfanni aggaammii qabxiilee 14n akkamitti ykn haala kamiin diinagdeetti bobbaanee waan Oromoo akka diina jalaa baraaruu dandeenyu jedhu keessaa har'aaf muraasa isaanii gaggabaabsinee ilaaluu yaalla.

1.Ijjannoo horachuu:- Ijannoo horachuu jechuun waan badee fi tole erga qeeqanii booda, isa bade barbaaduuf karaa salphaa fi ariifachiisummaa qabu irra darbee itti amanamummaan isaa bifa shakkii fi fala duubdeebii hin qabneen furmaata itti laachuuf of qopheessuu yoo ta'u, waan tolee argame immoo kutannoon fuulduratti tarkaanfachiisuuf aarsaa adeemsa keessa nama mudachuu danda'u mara xiiqiin milkii kaayyoo sanaaf baatanii imaluuf ofiin morkii ta'u jechuudha. Asirratti na baasaa ykn nan baasuun filannoo hin ta'u. Tuttuqanii dheensunillee akkasuma. Itti seenanii daakuun garuu dogoggora irraa akka baratan nama taasisa. Bu'uurri ijjannoo dhugaa horachuuf nama kakaasan uummaan milkiin isaanii dhibbaan dhibbatti kan ragga'e waan ta'eef filannoo namaaf hin kennan.

Itti seenamnaanis keessaa bahuun gonkumaa hin yaadamu. Bu'uraaleen kunneen seenaaf dhugaa beekuu, akka nama tokkootti gahee fi hiree ofii of gaafachuu, madaala safartuu namummaa irra of kaa'anii bakka jiran of barbaaduu. Kana booda ceephoo of irra tuulanii xiiqiin ulaa milkii barbaadudha. Haalli kun wal duraa duubaan hiriiruun kaayyoo horatti. Xiiqiin humna guddaa milkaa'inaa waan taateef ,kaayyoo harkiftee ulaa galmaatiin deemuun ijjannoo hundeen isaa akka jabaatu gooti.

Gaaffileen ijjannoo cimsan jedhamanii yaadaman akka walii galatti kanneen armaan olii ta'anii, kan gama diinagdeen nuti sabni oromoo kaasuun yeroo ammaa kana nurraa eegamu:-

-Oromiyaan maal qabdi,Oromoon qabeenya kana hagam irraa fayyadamaa jira?

-Akka nama dhuunfaa tokkootis hireen koo maal turee hagam na gahe?

-Ta'uu yoo baate akkamitti Oromoon qoodataa ta'uu dadhabe?

- Ilmaan Oromoo eessa jiru, maalifis hirmaattota diinagdee dachee isaanii ta'uu dadhaban?

-Ammaaf kana booda haalli diinagdee keenyaa maal ta'uu qaba? Kan jedhan isaan muraasa. Sammuun gaaffilee kanneen kaastu Onneetti xiiqii, kaayyotti ijjannoo fi kutannoo kudhaamuun guddina diinagdee Oromoo duub-deebii hin qabnee fi maaliifuu jilbeenfachuu hin dandeenye akka godhatu taasisun isaa shakkii tokkollee hin qabu. Egaa ijjannoon ilmaan Oromoo gama diinagdee isaa diina jalaa baraaruf qabachuu qabu kan kana irraa adda ta'e ta'uu yoo bate, ulaan milkii gamanaa. Kanaaf ijjannoo haa qabaannu! Haalli kun hin ta'u taanan…??

2. **Ogummaa qabaniin osoo hojii hin tuffatiin bakkee sabni biraa irratti daldaalu marattuu bobba'uu...**

*Maxxansa itti aanutti itti fufa!!*

Leelloo



# SOSSOBBAA

## Waadan Sobaa Hanga Yoomitti Uummataaf Seenama!!?



Yoomiyyuu Mul'ataatiin
0912841550
mulataayomillee@yahoo.com

Sagaleen diddaa uummata Oromoo golee arfan irraa dhagahamaa jira. Sagalee haadha ilmaan Oromoo mararree sana dhagahuun boqonnaa namaaf hin kennu. Dhiittaa, ajjeechaafi hidhaan ilmaan Oromoo irraa dhaabbachuu diduunsaa nama aarsa, nama guba.

Dhimmichi dhimma laayyoo waan hin turreef oladeeman Oromoo lubbuusaa deebi'uu hin dandeenye wareegee dura dhaabbataa jira. osoo dhuguma sagalee uummata dhaga'u ta'e bara darbe, 2014 golee Oromiyaa hundarraa wayita uummanni Oromoo mormii dhageessisu waan uummanni jibbe itti dhiisu ture. Garuu hin raawwanne. Tarkaanfiin mootummaan fudhate yoo jiraate aangawoota mootummaa naannoo Oromiyaa itti erguun uummata sobuu yaaludha. Yaalii uummata gowwoomsuu kana obbo Abbaa Duulaa Gammadaatu jalqabe. Bara 2014 wayita naannoo Oromiyaa garaagaraatti mormii jabaan mudate obbo Abbaa Duulaa Gammadaa bakkeewwan mormii jabaan itti gaggeeffame deemuudhaan uummata waliin haasaafi sossobbaa taasisaa turan. Keessattuu gara Dhiha Oromiyaa deemuudhaan gaaffiin uummata sirrii akka ta'e fakkeessee uummatatti dhiyaachaa ture. Miidiyaalee biyya alaa kanneen Raadiyoo Sagalee Ameerikaa waliin haasaa taasiseenis gaaffii uummanni Finfinnee ilaalchisee kaasu sirriidha. Gaaffiin barattootni kaasan gaaffii Oromoo hundaati yeroo jedhan dhagahameera.

Obbo Abbaa Duulaa itti dabaluudhaan dhimma maaster pilaanii Finfinnee ilaalchisuun wayita haasaa taasisanitti "maaster pilaaniin sun uummata kan fayyadullee yoo ta'e, uummanni kan hin barbaanne taanan hafuu danda'a" jechuun isaanii ni yaadatama.

Giddu kana aangawoonni OPDO muraasnis haasaa walfakkaatu wayita taasisan dhaghamaniru. Tibba darbe miidiyaalee biyya keessaaf ibsa kenna kan turan biiroo DhDUO giddu galeessaarraa obbo Dhaabaa Dabalee "dhaabni keenya dhaaba waan uummanni hin barbaanne dirqiidhaan itti fe'u miti, maaster pilaanii sun uummanni kan hin fudhanne yoo ta'e hafuu danda'a" jedhanii turan.

Haaluma walfakkaatuun jiraattota magaalaa Buraayyuu waliin marii kan adeemsisan Afa-yaa'iin Mootummaa naannoo Oromiyaa obbo Lammaa Magarsaa uummataaf kakuu sobaa wayita seenan dhageenyee turre. Akka obbo Lammaa Magarsaa jedhanitti yoo ta'e "maaster pilaaniin sun osoo samii gubbaarraa warqii kan harcaasu ta'ellee Uummanni didnaan inuma hafa" jedhan. Itti fufuudhaan dhimma labsii magaalota mootummaa naannoo Oromiyaa ilaalchisuun yoo dubbatan "labsiin magaalota Oromiyaa kan rakkoo qabu taanan nii sirreessina. Caffee mootummaa naannoo Oromiyaa kan hoogganu ana, labsii kana haquun kan barbaachisu taanan marii eenyullee osoo hin barbaachifne haquu nan danda'a" wayita jedhan dhaggeeffannee ture.

Waanti obbo Lammaan nuuf hin mirkaneessiin hafan tokkotu ture. Maaster pilaaniis ta'e, labsiin magaalota Oromiyaa uummataan kan hin fudhatamne taanan nii hafa jeedhan. Mee kana caalaa Oromoonni dhimma akkamitti akka morman barbaadanii laata? Yoo Oromoon guutummaadhaan lafarraa bade mormii sana mirkaneeffatuu moo akkamii? Bara darbeyyuu lubbuu nama meeqaa itti dhabne. Ammas mormii bal'aatu biyya keessaafi alaatti deemaa jira. Kana caalaa diddaa uummataa akkamii arguu akka barbaadan obbo Lammaa Magarsaa osoo uummataaf ibsan gaarii ture.



Dhaadannoofi kakuun sobaa obbo Lammaarraa dhageenye marii eenyullee osoo hin barbaadin labsii magaalota Oromiyaa haquu danda'uu isaaniiti. Labsii magaalota Oromiyaa wayita caffeen akka raaggasisu taasisan Obbo Lammaan osoo hin hubatiin godhan moo sossobbaa barre sana isinii dabala jechuu isaaniitii laata.

Qabiyyee labsii isaanii akkas jedhu osoo irra deebi'anii dubbisan gaariidha. Keewwata 9 (1)"walitti makamiinsa magaalotaa"- "Kenna tajaajilaafi hojiiwwaan bulchiinsaatiif mijaa'aadha jedhamee kan itti amaname yoo ta'e fedhiifi waliigaltee jiraattotaa irratti hundaa'uun..... Magaalota daangaa waliirra jiran walitti makuun ni danda'ama. Keewwata 9(2) murtiin kennamus qaamni kamiyyuu hojiirra oolchuuf dirqama qaba.

Keewwatni 10(1) immoo akkana jedha- "jijjiirraa maqaa magaalaa:- jijjiirraan maqaa magaalaa kan taasifamu fedhiifi waliigaltee jiraattota magaalichaa irratti hundaa'ee mana maree magaalaa dhimmichi ilaallattutti dhiyaatee yoo murtaa'eedha". Kanaafuu afa-yaa'iin kun labsii mootummaan isaanii karaa caffee raggaasise irra deebi'anii dubbisuun akka haqan abdiin eegna.

Dhimma maaster pilaanii ilaalchisee yoo uummanni kan hin fudhanne ta'e hafuu danda'a kan jedhanis yeroo gabaabaa keessatti maaster pilaaniin sun hafuusaa ibsa akka taasisan abdiin eegna. Obbo Lammaafi mootummaan isaanii waan kana raawwatanii argamnaan dhuguma biyya bulchaa jiru.

Yoo akkuma baratan sanatti haasaa qofaan hambisan immoo sossobbaa keessan duruu barree jirra, dhaqaa daa'ima sossobaa jenna. Qabsoon Oromoo haqa isaa argachuuf taasisaa jirus, lamuu sossobbaadhaan laamsha'uu akka hin dandeenye hubachuun barbaachisaadha. Furmaanni jirus uummata gowwoomsuu, ajjeesuu, reebuu, hidhuufi doorsisuu osoo hin ta'iin waan uummanni jibbe dhiisuudha.

### KEEMIKAALA ...

Fuula 7 irraa naanna'e...

fudhatamanii qorataman wanti dhiiga isaanitiin makamee argame summii keemikaalli akkanaa uumu ta'uu isaa ogeeyyiin fayyaa ni mirkaneessu.
Haalli keenya kan namoota hedduu hoospitaala galchee cinaacha isaanii sireerra boqachiise kun odoo nama qoratee nutty himu argannee wayi san ta'aa laata kan jedhu odoon gaafadhee cubbamee?

Wantan kana jedheefan qaba:

1. Ijoolleen gaazii kanaan summaa'an gara 126 ta'an yoosuu of wallaalanii gara hoospitaalaatti guurraman waan ta'eef gaaziin CNfi CS jedhaman sun silaa akkana hin godhanii maaltu dhalate na jechisiise. Isinhoo?

2. Gaaziwwan kun odoo ulatanii gubaatiniif hubaatiin isaa silaa daqiiqaa 5-10 caaluu hin danda'uu ijoolleen keenya maaf guyyoota kana mara laafanii,ofwallaalanii hospitaala ciisan ree jedhe? Isinhoo maal jettu?

3. Gaaziin kun silaa ija darbummoo ujummoo qoonqoo nama gubaa kan ijoollee teenyaa maaf afuura kutee gaggabseen gaaffii kootii, isinhoo waan kana of gaafattanii?

Ana Yaasoodha.

### Icciitii Odaa

Fuula 2 irraa dhufe...

garaa laafinaa, garaa bal'achuu, kan wayita rakkoo namaaf dhaabachuu, kan hundaa dandahuu dha. Kun jechuun dandeettii kana qabaachuun garuu ummaticha akka homaa hin beekneetti kan ilaalan yoo jiraatan isaantu waa hin beeknee jechuudha.

➡

Hiddaa fi holqa Odaa keessa bineeyyiin uumamaa, lootuuwwan adda addaa summii qaban nama miidhan, bofni, buutiin, qorcaccabsi kkf hin galan. Kunis mallattoo uumamaa addaa Odaati. Odaa jalatti bookeen busaa nama hin hidditu.

Bineeyyii fi allaattiiwwan mukkeen biroo irra jiratanis ta'e, irra bulan Odaairra hin bulanis, hin jiratanis, hin qubatanis. Kanaaf gaaddisni Odaa yeroo kamiyyuu qulqulluu fi amansiisaadha. Gubbaan ni gaaddisa, jalaan qabbanaa gaarii qaba. Kunis mallattoo qulqullinnaa fi qabbanawummaa ummata Oromoo-ti.
Odaan akka mukkeen biro dura daraaraa daraaree, duubatti firii hin baasu. Odaan dura daraaree duubatti firii baasu hin jiru. Yoom akka daraarus Waaqa isa uume malee ilmi namaa hanga ammatti hin beekne. Odaankan argamu firii isaa bilcheefateeti. Kunis uumama addaa Odaaqofaati. Firiin Odaabishaanii fi midhaan walkeessa qaba.

Bakakkaan roobaa mukkeen biro irra buutu, Odaarrahin buutu. Odaan rukuttaa bakakkaarraa walabaadha. Kanaaf, walgayiin ykn yaa'iin Odaajalatti adeemsifamu balaa uumaa kanarraa tikfamaadha.Seenaa haga ammaa jiru keessatti, bakakkaan Odaarraabuuteen hin himamne. Kanaan Odaangaaddisa nagahaa tahuun mirkana'e.

Odaan nagaahaan, eebbaan, quufaan, haragalfiin, qananiin, araaraan …kkf niin walitti firooma. Kana kan ibsan aadaa saba Oromoo keessatti ragaaleen armaan gaditti kahaaman ni mulisu. Isaaniis, Odaan jalatti waraanaa fi qawwee qabatanii hin gaaddisifatan. Odaa jalatti dhimmi waraanaa, kan lolaa hin dubbatamu. Odaa jalatti gumaan hin ilaalamu; Odaa jalatti murtiin du'aa fi miidhaa addaa qabu hin murtaa'u; Odaa jalatti abaarsi dhorkaadha; Odaa jalatti eebbiffatan, akkana jechuun, Odaanta'aa (jala furdadha, irra dagaaga.) akka Odaattimuladha. Waan Odaanqabu argadhaa, jechuun eebbiffatama. Odaan yeroo rakkoo tajaajila hatattamaa namaaf kenna. Bakka dheebotanitti bishaan jalaa argatan. Karaa dheeraa deemanii bakka ibiddi hin jirretti muka Odaagogeessa lama fuudhanii uchuma ykn uchummee yoo irban salphaatti ibidda namaa qabsiisa. Karaarratti lagni bishaanii yoo namatti guutee dame Odaarraayeroo gababaatti bidiruu ykn yoboloo hojjachuun bishaanicha ci'uu nama dandeessisa.
Galata: gaazeexxessaaf barreessa Muusaa Aadam guummacha qophii barreefama kanaatiif godheef galata guddaa qaba



# XOOPHIYAATTI KOORPOREESHINII MISOOMA LAFAA (ETHIOPIAN LAND DEVELOPMENT CORPORATION)

**Moonenus Hundarraa**
hmonenus@yahoo.com

Waggoota kudhaniin as imaammanniifi haasaan siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa mootummaa Xoophiyaa gama tokkoon hedduu kan nama ajaa'ibanii fi nama harkisan yommuu ta'an gama biraan gaaffii impaayerri Xoophiyaa kun garamitti deemaa jirti jedhu xiyyeeffannoodhaan akka ilaalluu fi xiinxallu nu taasisu. Bara 2001 irraa eegalee hanga bara 2015tti keessumaa filannoo bara 2005 booda haasaanii fi kaayyoon mootummaa Xoophiyaa heera bara 1995 tumamee fi waadaa mootummaan kun Saboota, Sablammootaa fi Uummattoota Xoophiyaaf gale kanneen fashaleessanidha. Akka fakkeenyaatti kaasuuf: Imaammata hawaas-diinagdee Mootummaa Misoomaa irratti hundaa'e; siyaasa olaantummaa Paartii tokkoon gaggeffamuu fi labsiiwwan mirgoota namoomaa fi dimokiraasii daangessan hubachuun ni danda'ama. Akka yaad-rimeettis ta'e akka qabatamaatti sirni federaalizimii fi yaad-rimeen Mootummaa Misoomaa waliin hin deeman. Keessummaa Xoophiyaan federaalizimii eenyummaa giddu-galeessa godhate hordofaa akeekawwan mootummaa misoomaa adeemsisuun bulchiinsa mootummoota Xoophiyaa bara 1991 dura turanii deebisuu wajjin walfakkaata.

Dhimmoota haaraa gidduu kana xiyyeeffannoo argatan keessaa tokko deemsa mootummaan Xoophiyaa 'Koorporeeshnii Misooma Lafaa' hundeessuuf taasisudha. Koorporeeshiniin kun Insitituutii Misooma Magaalaa wajjin ta'uudhaan lafa magaalota gurguddoo fi gidduu-gala warshaa ta'an keessa jiru kan hoogganuu fi pilaaniidhaan hojiirra kan oolchudha. Barbaachisummaan Koorporeeshinii kana hundeessuu hanqina caasaanii fi bulchiinsi amma sadarkaa adda adddaa irra jiru gama kutannoo siyaasaa fi hojii ogummaa irratti hundaa'e dhabuu isaanii akka ta'e Abbaay Tsaayyeen dubbateera. Walga'ii hubannoo kennuu fi qorannoo muuxannoo magaalota biyyoota akka Biraazilii fi USA irratti hundaa'e sababeeffachuun akeeka mootummaan federaalaa lafa magaalota keessa jiran guutummaa guutuutti aangoo irratti qabaatuu fi aangoo mootummoota naannolee irraa mulqu ifaa ifatti saaxile. Mee dhiibbaa Koorporeeshiniin kun qabuu fi sababa itti mootummaan federaalaa hundeessuuf ka'e haa ilaallu.

1) Jalqaba bara kanaa Komishinii Pilaanii Biyyoolessaa (National Planning Commission) kan jedhuu fi Baankii Lafa Federaalaa (Federaal Land Bank) waan hundeessaniif lafaa fi aangoo ittiin hojjetan isaan barbaachisa. Akka heera bara 1995 tti immoo naannoleen lafa isaanii irratti aangoo akka qabanii fi akka bulchan waan lafa kaa'uuf gama kanaan mormii mootummoota naannolee irraa dhufu hanbisuuf gargaara. Akkuma beekamu mormiin gama Uummata Oromoodhaan jiruu fi burjaaja'uun DhDUO mootummaa federaalaa waan danquuf bifa salphaadhaan Koorporeeshinii Misooma Lafaa jechuudhaan qaama mootummaa federaalaa bakka bu'uudhaan akka barbaadetti hojii hojjetu isaan barbaachisa.

2) Muuxannoo Koorporeeshinoota Xoophiyaa keessa jiran, fakkeenyaaf, Koorporeeshinii Sukkaara Xoophiyaa, Koorporeeshinii Elektirikii Xoophiyaa, Koorporeeshinii Daandii Baabura Xoophiyaa, fi kkf irraa wanti hubatamu, guutummaa guutuutti mootummaan federaalaa Koorporeeshinoota kana akka barbaadetti hoogganaa fi irratti murteessaa jiraachuu argina. Koorporeeshinoota kana keessatti mootummoonni naannolee aangoo akka hin qabne hubatamuu qaba. Kanaaf, Koorporeeshinii Misooma Lafaa hundeessuun mootummoonni naannolee lafa magaalotaa irratti guutummaa guutuutti akka aangoo hin qabaanne taasisa. Yeroo kana mootummoonni naannolee mootummaa federaalaaf akka hojii lafa qopheessuu qofaa hojjetu. Fakkeenyaaf, daandii baaburaa ijaaruuf mootummaan Oromiyaa karoora Koorporeeshiniin Daandii Baaburaa qopheesse fudhatee haala mijeessuun alatti diduu hin danda'u.

3) Dhimma Master Plan irratti mormii cimaa gama Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Uummata Oromoo biraa isaan mudate bifa itti cichanii galmaan ga'uuf tooftaawwan lamaan fayyadamaa jiran keessaa Koorporeeshiniin kun isa lammaffaadha. Tooftaan jalqabaa akka Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Caffeen Labsii Qindoomina Magaalota Oromiyaa akka ragga'u taasisuu ture. Gama kanaan milkaa'aniiru. Tooftaan lammaffaa akka federaalaatti Koorporeeshinii Misooma Lafaa kana hundeessuudha.

4) Bulchiinsonni magaalaa lafa isaanii irratti akka aangoo hin qabaanne taasisa. Keessumaa mormiin bulchitoota Magaalota Godina Addaa Naannawaa Finfinnee irraa baroota lamaan darban isaan mudate deebi'ee akka hin kaane gochuuf tooftaa gaariidha. Bifa kanaan bulchiinsonni magaalotaa 'ashaangulliitii' akka ta'an taasisuufi.

Hundeeffamuu Koorporeeshinii Misooma Lafaa kana haala qabatamaa impaayera Xoophiyaa waliin yeroo ilaallu baay'ee kan rakkisu ta'a. Erga bara 1991 as Xoophiyaan sirna dimokiraasii fi federaalizimii eenyummaa irratti hundaa'e hordofaa jirti. Hojiiwwan hojjetamanii fi labsiiwwan yeroo ammaa ba'aa jiran adeemsa dimokiraasii Xoophiyaan jalqabdee fi abdii impaayerri kun federaalizimii eenyummaa irratti hundaa'e irratti qabdu kan fashaleessu dha. Magaalli, lafa qofaa miti: nama, aadaa, eenyummaa, afaanii, fi leecalloo hedduu wajjin wal-qabata. Darbees mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu Saboota, Sab-lammootaa fi Uummattoota Xoophiyaa gaaffii keessa kan galchudha. Walumaagala, dhimmi Koorporeeshinii kanaa gad-fageenyaan kan qoratamuu fi ilaalamu yommuu ta'u mormiin yoo xiqqaate mootummoota naannolee Oromiyaa, Sidaamaa, Benishaangul, fi Gambeellaa irraa ni ka'a jedhamee yaadama.

## "SABNI AADAA ISAA HIN BEEKNE GARBICHA!"

**Dabbasaa Guyyoo**



**Galaanaa Tolasaa**

Aadaan ofii warqeedha,aadaan ofii daawwitii maalummaa ofii fi maalummaa saba ofii keessatti ilaalanidha,aadaan ofii leecalloo ofiiti,aadaan ofii calaqqisiistu eenyummaa ofiiti,aaddaan ofii ggchana offiiti, aadaan ofii gartokkee qaama ofiiti, aadaan ofii qabeenya qaban keessaa isa hundaa caalu kan kamittuu madaalamuu hin dandeenyedha ,aadaan ofii waan hunda ofiiti kanaaf dursanii aadaa beekuu fi kunuunsuun dirqama eenyumma ofiiti.

Akkuma dacheen oromiyaa bal'oo taatee uumamte sabni oromoos bal'aadha,qabeenyi oromoos bal'aadha, seenaan oromoos bal'aadha, seerri oromoos bal'aadha,sirni oromoos bal'aadha,aadaan oromoos bal'aadha…, sooressa jechuudha mitiiree!,eeyyee galanni waaqa isa sooreessa taasisee nu uumeef haa ta'ukaa!

Qabeenya oromoon qabnu keessaa akka hangafaatti waanti kaas'u yeroo maraa AADAA dha.sababni isaa aadaan waan hundaa of keessatti waan hammatuufidha.Aadaa uffataa,aadaa nyaataa,aadaa dhugaatii, aadaa fuudhaa fi heerumaa,aadaa wal gargaarsaa, aadaa wal kabajuu…gabaabumatti aadaan oromoo aadaa waan afaaniin himamee fi qalamaan barreeffamee dhumu miti. aadaawwan kunis akkuma bal'ina lafa oromoo bal'aa kan ta'ee fi guddaa kan ta'edha.Innis bakkaa bakkatti sirni kabaja isaa fi adeemsi kabaja isaa addaa addadha.Godinaa godinatti,bakkee adda addaatti adeemsi isaa addaa addummaa haa qabaatuyyuu malee maalummaa uummata sanaa kan ibsudha. kunimmoo aadaan uummatichaa hammam akka bal'aa ta'e kan namatti agarsiisudha.Aadaawwan kanneen keessaa aadaa fuudhaa fi heerumaa godina horroo guduruu wallaggaatti adeemsifamu keessaa kanan argee dhagahee irraan xiqqoo isiniif qooda.

G/h/g/wallaggaatti aadaawwan jiran keessaatiiaadaan fuudhaa fi heerumaa aadaa seera mataa isaa danda'ee heera mataa isaa danda'e kan qabudha.akka godina kanaatti gosoota foodhaafi heerumaa jiran keessaa;

1) Kaadhimmachuu (kan shamarree fi gurbaan wal jaalatanii akka aadaa naannoo sanaatti wal kaadhimmatan) jechuudha.

2) Aseennaa(kunis kan ijoolleen lameen wal jaalatan ta'ee warri mucayyoo yoo gurbaa hin jaalanne ta'e kan intalli gurbaa sana waliin galtu jechudha)

3) Butii (fedha intalaa malee kan gurbaan intala jaalatee humnaan bifa reebichallee of keessaa qabuun dirqisiisee kan fudhatee galu) jechuudha.butiin garuu yeroo ammaa kana barmaatilee miidhaa geessisan jedhamee kan hafeerudha.

Isaan kanneen keessaa kaadhimmachuun kan bal'inaan uummatichi itti fayyadamaa turee fi hanga har'aattillee kan itti dhimma bahaa jirudha.intalli naqatamtee (kaadhimamtee) torban lama ykn isaa ol dursanii shamarranii fi dargaggoonni karaa lamaaniinuu (karaa qee'ee warra gurbaa fi qee'ee warraa intalaa) hiriyyoonni,firoonni fi oboloonni mushurraawwan lamaanii gaafa guyyaa jala bultii irraa kaasee hanga gaafa cidhi sun xumuramuutti kan sirbamudha.

Sirba yeroo jala bultii karaa warra gurbaatiin shamarraniin sirbamu

Yoo fiddee dhufte
Aayyoo isheen jenna
Aayyoo ishee jabduu
Sitti marmaarra
Yoo gattee dhufte
Faalloo ishee jenna
Faalloo ishee cabduu
Itti waraabna
Intalloo intala
Durbummaan tasa
Sadulleen durbaa
Bishaan hin baatu
Ni dhangalaasa
Shaarmuxaa durbaa
Shaambutti ol baasu
Fincaan obaasu
Barreessa jedheen
Dabtarii bitee
Kobbeetti haasaye
Nan fuudha jedheeti
Kisaara lixee
Birriitti haasaye
Birriin isaa baala
Firri isaa ni aara
Gingilchaa cidhaa
Gundoon loomica
Gursummaa cidhaa
Huddutu foorica
Shurrubbaa hiiktee
Qarree qoriittaa
Gursummaa fiigdeef
Harreetu qoricha
Hattuu dardaraa

Kan wattaaddaraa… jedhanii sagalee miidhagaa baay'e nama hawwatu fi bifa arrabsoo ergaa of keessaa qabaatuun hanga gaafa guyyaa cidhaatti kan sirbamudha.

Karaa warra intalaa kan isheeniifi hiriyyoonni ishee yeroo jala bultii cidhaa sirban...

Kutaa 2ffaan itti fufa

## PIRESDAANTIN TAANZAANIYAA MURTII DABARSEEN HOGGANTOOTA RIFAASISE!!

Pr. Taanzaaniyaa Joon Maagufaalii erga filatamanii baatii osoo hin guutin gara kuteenyan murtii gurgguddoo dabarsan.

Murtii dabarsan keessaa inni jalqabaa: 1. Guyyaan bilisummaa Taanzaaniyaa akka hin kabajamne taasisuu ture. Sababni isaa, lammiilen biyyattii osoo dhukkuba koleeratiin dhumaa jiranuu guyyaa kana kabajuun fafa. Baasii guyyaa bilisummaa kana kabajuuf oolu hanbisanii guyyaa qulqullina biyyoolessaaf oolchudhaaf lammiilen hunduu naannoo isaanii qulqulleessun guyyicha akka kabajan ajaja dabarsan.

2. Hospitaala biyyattii keessatti argamu, Muhiibil jedhamu erga daawwatanii, rakkoo jabaa achitti arganii waan hedduu gaddaniif baasin bashannana miseensa paarlaamaa biyyattiif oolu hafee, hospitaalichaaf akka kennamu ajajan. Kanumaan walqabatee, guyyaa gabaabaa keessatti sireewwan ciisichaa haaraa 300fi meeshaalen hospitaalichaa akka haaromfamaniif shilingii mil. 200 kennisiisaniiru.

3. Aangawoonni mootummaa aangoo erga qabatanii gaafa guyyaa 3ffaa gara biyya alaa deemanii akka bashannanan taasifamaa kan ture hafee, gara magaalota baadiyyaa deemanii rakkoolee uummataa akka qorataniifi furmaata akka barbaadan ajajuudhan murtii hoggantoota rifaasise dabarsaniiru!!

Aangawoonni biyya keenyaa qabeenyaa biyyattii kanneen akka warqii shakkisoo saamanii baankilee biyya alaatti kan kuufatan, galii biyyattiin argachuu qabdu hanqisuun, gumuruuk irraa kan saamun faayidaa dhuunfaa isaanitiif kan oolfatan hangamtu qisaasamaa!?? Gidduma kanallee maqaa ayyaana sabaaf sablammootatiin baasin qisaasa'u hangami!!??

## GANZABEE DIBAABAA ATILEETII ADDUNYAA BARA KANAA JEDHAMTE




Ijoollee obbo Dibaabaa jennaan maarree akkuma simbiraa barrisu jedha namni kamuu. "Hantuunnis haadhashee jalatti gumbii uraa barti" akkuma jedhan. Ganzabeen obbolaashee hangafaa Ijjigaayyoofi Xuruneeshiin fakkeenyummaa gaariidhaan hordoftee guddatte. Ijoollee xiiqii ta'uusaanii jabina isaaniitu mul'isa.

Dorgommiiwwan gurguddaa akka dhuunfaattis ta'e akka biyyatti adeemsisuudhaan qabxiiwwan gaarii Ganzabeen bara 2014fi 2015 keessa fageenya meetira garaagaraan galmeessifte keessaa muraasni:-meetira 3000fi 5000'nin Stockholm, maayilalamaan Birmingham, meetira 5000 Paris, saint (stade de France), meetira 3000 Doha (Hamad Bin Suhaim) eeruun nii danda'ama.


Atileetota dubartootaa keessaa atileet. Ganzabee Dibaabaa atileetii addunyaa bara kanaa (2015) jedhamuu dandeessee jirti.



Gama dhiirotaan immoo lammii Ameerikaa kan ta'e Ashton Eaton moo'achuu danda'ee jira. Ashton Eaton gosa ispoortii kan dorgomtoonni cufti dorgommii kurnan irratti hirmaachuu qaban (decathlon) moo'achuudhaan qabxii olaanaa kan galmeessee yoo ta'u, Ganzabeen immoo Chaayinaa magaalaa Beejingitti dorgommii shaampiyoona addunyaa meetira 1500 meedaliyaa warqee, meetira 5000 nin immoo meedaliyaa meetii argachuun moo'achuu dandeesseetti. Haaluma kanaan Ashton Eaton atileetii jalqabaa gosa ispoortii kan dorgomtoonni cufti dorgommii kurnan irratti hirmaachuu qaban rikardii dhuunfaasaa waggaa sadii dura ture qabxii sagaliin fooyyessuudhaan injifachuu danda'eera.

Bifuma walfakkaatuun dorgommii bara kana Beejingitti adeemsifameen Ganzabee Dibaabaa meetira 1500 marsaalee hunda haala ajaa'iba ta'een dursitee kan xumuruudhaan meedaliyaa warqee kan gonfatte yoo ta'u; meetira 5000 immoo meedaliyaa meetii argachuu dandeessee jirti.

Dhumarrattis filannoo atileetii addunyaa bara kanaa deemsifameen Ganzabee Dibaabaa atileetii dubartii addunyaa bara 2015 jedhamuu dandeesseetti!









Beeksisa

Namoonni Gaazexaa Leelloo Irratti oomishaafi tajaajila keessan beeksifachuu barbaaddan, akkasumas Gaazexaa kana rabsuufi gurguruu feetan karaa lakkoofsa bilbila keenyatiin nu qunnamuu dandeessu!!

Bilbila: 0912 10 40 67
0913 01 60 57

Gaazexaan Leelloo torban lama lamaan yeroo hundumaa Jimaata dhaabbata maxxansaa Maltimiidiyaa Wiirtutiin maxxanfamee kan dhiyaatudha!!